



BARIISAA



Bara - 47 Lak. 45 Bariisaa Mudde 5 Bara 2017

Sanbataa

(December 14, 2024) Qar. 10.00



Siinqee
Appiikeeshinii Moobaayil
Baankiingilii Baankii Siinqee
Ammuma, Piay Istoorii Irraa buufachuun fajaajila isaa jalqabsaa, maallaqa Keessan salphaatti daddabarsaal

www.siinqeebank.com

“Namni dubartiif kabaja hinkennine akka ajaja uumaasaa cabseetti ilaalama”

- *Abbootii Amantii*

Saamraawit Girmaatiin

Finfinnee: Miidhaan dubartootarra qaqqabu haalaafi bifasaa jijjiirraachuun yeroodhaa gara yerootti hammaachaa dhufuu qoronnoowwan adda addaa ni mul’isu.

Rakkoon kun ammoo keessumaa biyyoota dinagdeen hinguddannetti hundee gadifageeffateera. Dubartoota reebuu, dirqisiisanii

Gara fuula 13tti

Waliigaltee Ankaaraa Itoophiyaafi Somaaliyaa jidduutti milkiin xumurame

Riippoortara Gaazexichaatiin

Finfinnee: Waliigalteen Ankaaraa Itoophiyaafi Somaaliyaa jaarsummaa Pirezidaantii Tarkiyayee Xaayib Erdogaan Ankaaraatti gageeffamaa ture dheengadda milkiin xumurame.

Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad carraa kanaan ummanni Itoophiyaafi Somaaliyaa afaan, aadaafi dhiigaan kan walitti hidhaman ta’uu ibsuun, Itoophiyaan nagaafi misooma waloo Somaaliyaa waliin hojjechuuf kutannoo qabdi jedhan.

Itoophiyaan karra galaanaa karaa nagaatiin

argachuuf taasiftu ida’amu dinagdeefi hawaasummaa naannawichaa keessatti gahee olaanaa akka qabu hubachiisaniiru.

Mootummaan Itoophiyaa walittihidhamiinsa naannawaafi qajeeltoo fayyadamummaa walootti akka amanus ibsanii, karra galaanaa

Gara fuula 14tti

Ummatni Oromoo WBO gale galateeffachaa WBO hafe kadhachaa jira

Waaqshuum Fiqaduutiin

Finfinnee: Waldhabii yaadaa gara qabsoo bosonaatti ce’uun waggoota shanan darban Oromoofi Oromiyaa gaaga’ama hamaa keessa buuseefi waliigaltee mootummaafi Qondaaltota Olaanoo Waraana Bilisummaa Oromoo gidduutti taasifameen calaqqee qilleensa nagaa dachee Oromiyaa yeroo ammaa ilaalchisee Gaazeexaan Bariisaa Hayyoota Oromoo waliin gaafdeebii taasiseera.

Waldhabbiin ilmaan haadha takkaa jidduutti mudate karaa nagaan akka furamuufi tasgabbi dachee Oromiyaaf namoota ifaaja guddaa taasisaa turaniifi jiran keessaa Aade Makkiyyaa Maammiyyuu isaan tokko. Aade Makkiyyaan mootummaafi qaama hidhate gidduutti nageenyi akka bu’uuf Abbootii qabeenyaa, abbootii amantaa, abbootii Gadaafi haadhoolii Siinqeefi jaarsolii biyyaa waliin ta’uun Oromiyaa Lixaa, bosona Gidaamii deemuun Jaal Marroo qaamaan mariisuu danda’aniiru.



Aade Makkiyyaa Maammiyyuu

Marii yeroo sana taasifame hordofee loltoonni hedduun gara qabsoo nagaatti deebi’uu eeranii; loltoonni nageenyisaanii eegamee gara biyyaatti deebi’uuratti qoodni Shuumii Itaamaajoorii Raayyaa Ittisa Biyyaa Fiildimaarshaal Biraanuu Juulaa olaanaa ta’uu ibsaniiru.



Obbo Ibsaa Nagahoo

Milkaa’ina marii yeroo sanii keessatti qoodni anga’oota mootummaa federaalaafi naannoo Oromiyaa sadarkaan jiranii akkasuma qoodni Obbo Kumsaa Dirribaa/ Jaal Marroofi Obbo Daawud Ibsaa olaanaa ta’uus eeraniiru.

Gara fuula 14tti



Calalliin ajandaa marii biyyaalessaa Oromiyaatti iftaan eegalama

- Komishinichi qaama daandii nagaa filatee mariif dhufu simachuuf qophiidha

fuula 13

ODUU



Doktor Asaaminoo Tashoomaa

Diilalli amma mudataa jiru hanga Roobii ykn Kamisa dhufuutti ittifufuu danda'a

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Diilalli/qorri amma Itoophiyaa bakkeewwan garaagaraatti mudachaa jiru hanga Roobii ykn Kamisa dhufuutti itti fufuu kan danda'u ta'uu Inistitiyuutiin Metiworoloojii Itoophiyaa beeksise.

Inistitiyuutichatti Daarektarii Ittaanaan Damee Metiworoloojiifi Ofeggannoo Duraa Doktor Asaaminoo Tashoomaa Kamisa darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, Finfinnee dabalatee kutaalee biyyattii bakkeewwan garaagaraatti ho'inni digirii seelshiyeesii shanii gad ta'eera.

Baroota darban keessatti waqtii kana diilalli/qorri hanga kanaa uumamaa hinturre jedhanii; sababa qilleensa qorraafi gogaa Saaberiyarraa ka'uun gara Itoophiyaatti qilleensa'aa jiruun diilalli kun mudachuu hubachiisaniiru.

Kana malees, barana hanga Sadaasa walakkaatti Roobni roobaa ture samii keessa dummeessi akka hin jirre taasisuun humni aduu kallattiidhaan gara qilleensaatti akka deemu gochuun qilleensi qorraan kun akka uumamu sababa ta'eeras jedhaniiru.

Sababoota lamaan kunneenirraa kan ka'e qilleensi qorraan kun naannawaa giddugaleessa biyyattii kanneen akka Magaalota Fiicheefi Finfinneetti, Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Amaaraa magaalota Dabaarqitti, Ambaa Maariyaamitti, Shoolaa Gabayaatti, Baatiifi Dabra-Birhaanitti diilalli mudateera. Itoophiyaa Baha Harariifi Jigjigaattis qilleensi qorraan kun uumameera.

Diilalli kun torbee darbee kaasee mudachuu kan jalqabe ta'uu himanii; naannawaa eeraman kunneen keessatti ganama hoo'inni digirii seelshiyeesii shanii gadi kan galmaa'aa jiru ta'uu himanii, omisha qonnaa gahe sassaabuuf mijataa ta'us, fayyaa namaafi midhaan guddinarra jiru kan miidhu ta'uu ibsaniiru.

Hanga qilleensichi bakka idileetti deebi'utti, fayyaansaani akka hin miidhamneef lammiileen uffata qorraaf ta'u uffachuu akka qaban Doktor Asaaminoo waamichasaanii dhiyeessaniiru.

Dhaabbanni gargaarsaa Musliimaa deeggarsa meeshaa fayyaa qarshii miiliyoona kuma 800 baasu Itoophiyaaf arjoome

Bayyanaa Ibraahimiin

Finfinnee: Ameerikaatti kan argamu dhaabbanni gargaarsaa 'Muslim Aid America' jedhamu meeshaalee fayyaa gara garaa yaala balaa tasaatiif ooluufi qarshii miiliyoona 800tti tilmaamamu arjoome.

Deeggarsi kun tattaaffii dhuunfaa Ustaaz Abubakar Ahmadiifi mijeessummaa Mana Maree Dhimmoota Islaamummaa Federaalaatiin kan argame ta'uu Pirezidaantiin Mana Maree Dhimmoota Islaamummaa Federaalaa Sheek Hajii Ibraahim Tufaa ibsaniiru.

Meeshaaleen gargaarsaan argaman kunniin Hospitaalota biyyattiitti argaman shaniif kan hiram ta'uu sirna walharkaa fuudhiinsa meeshaalee fayyaa kanarratti kan himan Sheek Hajii Ibraahim; meeshaaleen deeggarsaan argaman kunneen amantaadhaan osoo addaan hinqoodne lammiilee harkaqaal'eeeyyii kaffalanii yaalamu hindandeenyeef kan oolu ta'uu dubbataniiru.

Manni marichaa hojiiwwan lammiilee biyyattii deeggaran karaalee adda addaatiin hojjechaa jiru cimee akka ittifufuuf meeshaaleen gargaarsaan argaman kunniin



Wayita walharkaa fuudhiinsi deeggarsichaa taasifametti

waan yaadamaniiif ooluusaaniis gadi bu'ee kan to'atu ta'uu ibsaniiru.

Meeshaaleen deeggarsa 'Muslim Aid'n Itoophiyaaf arjoomaman kunniin sadarkaa qoricha Awurooppaafi Ameerikaa kan eeggatan ta'uu kan himan immoo Ittigaafatamaa Waajjira Ministeera Fayyaa Doktor Mabraatuu Markebooti. Meeshaalee kunneen waan yaadameef oolchuun gahee hojii ministeerichaa ta'us ibsaniiru.

Hospitaalonni Dil Corraa, Jigjigaa, Muhur,

Asoosaafi Silxee warreen meeshaaleen deeggarsaaf argame kunniin hiramuufta'uu is barameera.

Dhaabbanni gargaarsaa muslimaa 'American Aid' kanaan duras yeroo jahaaf deeggarsa walfakkaatu Itoophiyaaf kan taasise yemmuu ta'u, hanga ammaatti deeggarsa doolara miiliyoona 15 ta'u Itoophiyaaf kennuu Ittigaafatamaan Waajjira Pirezidaantii Mana Maree Dhimmoota Islaamummaa Federaalaa Ustaaz Abubakar Ahmad ibsaniiru.

Hararitti inisheetiiviin misingaa qorannoon deggarame wabii midhaan nyaataa mirkaneessuuf abdachiisaadha

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Harariitti inisheetiiviin misingaa bu'aa qorannoon deeggaramee hojjiirra oolaa jiru wabii midhaan nyaataa mirkaneessuuf abdachiisaa ta'uu Biirtoon Qonnaa Naannoo Hararii beeksise. Omisha misingaa hanga ammaatti gaggeeffameen callaa kuntaala kuma 36 sassaabameera.

Pirezidaantii Ittaantuufi Hoggantuun Biirtoon Qonnaa Naannichaa Aade Roozaa Umar ibsa Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka himanitti, naannichatti omishaafi omishtummaa guddisuudhaan wabii midhaan nyaataa mirkaneessuuf inisheetiiviin misingaa bu'aa qorannoon deeggarame hojjiirra oolaa jira. Sanyiiin misingaa bu'aa qorannoo Yuunivarsiitiin Haramayaatiin argame qonnaan bulaa bira ga'uudhaan hektaara 800 irratti hojjiirra ooleera.

Sanyii misingaa hawaasni naannawaa ittifayyadamaa ture faca'ee ji'a torbaa hanga sagaliitti maasaarra kan turu ta'uufi lafa heektaara tokkorraa callaa kuntaala 13 argamaa turuu himanii, misingaan bu'aa qorannoon argame garuu ji'a sadii keessatti kan ga'u ta'uufi lafa hektaara tokkorraa callaa kuntaala 42-45 kan argamu ta'us eeraniiru.

Rakkoo lafa qonnaa naannicha keessa jiru dabalatee sanyii misingaa naannawa hanga ji'a sagaliitti oyiruura turu fayyadamuudhaan wabii midhaan nyaataa mirkaneessuun akka hindanda'amne himanii, inisheetiiviin misingaa bu'aa qorannoon argame ji'a sadiitti waan ga'uuf omishaafi omishtummaa guddisuun wabii midhaan nyaataa mirkaneessuun keessatti gahee olaanaa akka qabus himaniiru.

Naannichatti bara omishaa 2016/17tti lafa



Sassaabii omisha inisheetiivii misingaa naannichatti



Aade Roozaa Umar

waliigalaa hektaara kuma 11fi 774 sanyii gosa gara garaan uwwisuuf karoofame guutummaatti milkeessuun danda'ameera. Lafa sanyiidhaan uwwifame keessaa kilaastariin qamadii hektaara 450, misingaan hektaara 800, akaakuuwwan midhaanii biroo dabalatee inisheetiiviifi kilaastaraan hektaarii kuma tokkoofi 250 sanyiidhaan uwwifamuus eeraniiru.

Biirichi inisheetiivii kana milkeessuuf hojii hawaasaan walbarsiisuu bal'inaan hojjechuu himanii, yeroo ammaa kana sassaabii omisha misingaa hektaara 800 irraa callaa kuntaala kuma 36 sassaabameera. Aanaalee muraasarratti omishni sanyii misingaa sadarkaa bilchinaa fixachaa jiraachuus himaniiru.

Akka Aade Roozaan jedhanitti, omishi sassaabii duraafi booda akka hinqisaasofneef hojii bal'aan hojjetameera. Aanaalee sadiitti inisheetiiviin omisha misingaa bal'inaan jiruuf maashinoota

calleessan sadii dhiyeessuun qisaasama omishaa oolchuuf hojjetamaa jira. Maashiniin dhiyaate yeroo qusachuufi dadhabbiin hir'isuun muuxannoo fayyadama maashinii qonnaan bultootaa gabbisuu keessattis gahee olaanaa qaba.

Midhaan gahe rooba yeroo maleetiin akka hinqisaasofneef hawaasa, hojjetaa mootummaafi qaamolee nageenyaa waliin ta'uun omishni duulaan sassaabamaa turuu himanii, omishni sassaabamu garmalee fayyadamuun akka hinqisaasamneef qonnaan bulaafi hojjetoota misoomaaf leenjiiin hubannoo uumuu bal'aan kenneera.

Qonnaan bultoonni sanyii misingaa qorannoon ba'e omishan kan nyaataaf isaan ga'u hambifatanii Biirtoon Qonnaatti akka gurguru taasisuun bittaa guddaa raawwachuu himanii, bittaa gaggeeffamus bifa qusanootiin karaa baankii raawwatamaa jiraachuus eeraniiru.

Ijoo Dubbii

Waliigaltee Ankaaraa haqaqabeessummaa gaaffii Itoophiyaa mirkaneesse

Itoophiyaan biyyoota Afrikaa Bahaatti argaman keessaa baay'ina ummataatiin sadarkaa jalqabaarratti argamti. Biyyi ummata miliyoona 120 ol qabdu tun mirga seenaafi seeraa ulaa galaanaa argachuu ishii dandeessisu utuu qabduu kanaaf hincarroomne.

Mootummaan dhimmoota ijoo kanneen bu'ura godhachuun Itoophiyaan ulaa galaanaa akka qabaatuuf gaaffii dhiyeessuunsaa ni yaadatama. Itoophiyaan ummata miliyoona cerame kana qabatee hidhamtuu ji'ogiraaffii taatee jiraachuu hinqabdu.

Kanatti dabalee hiyyummaanis waan jiruuf dhimmi gaaffii abbummaa ulaa galaanaa kun yeroo eeggatee dho'uunsaa hinoolu. Kanaaf ammumaa kaasanii irratti mari'achuufi karaa qabsiisuutu barbaachisa. Sababiinsaas waan tokko calluma jedhanii tursiisuun dubbii balleessa malee yeroo gabaabaaf baachuuf rakkoo hinta'u.

Dhimma ulaa galaanaa kanaan walqabatee Ministirri Muummee RFDI Abiyi Ahmad (PhD) ergaa cimaa itaanu dabarsanii turan. "Gaaffiin ulaa galaanaa kun Itoophiyaa dhimma jiraachuufi dhiisuuti malee qanani akka hintaane hubatamuu qaba.

Yoo buufata qabaannee irratti invasti hinguone akkam taana? Akkuma beekamu Chaayinaan Jibuutiitti, 'UAE'n Barbaaraatti, Turkiyyeen Moqaadishootti invasti godhaniiru. Akkas taanaan maali nuti warri itti dhiyoo jirrus yoo fayyadamne. Nuti nuu kennaa qofa hinjenne nurraas fudhadhaa jechaa jirra.

Gaaffiin ulaa galaanaa Itoophiyaa dhimma daldalaa qofa otoo hintaane nageenyaafi tika keessoofi naannawaa amansiisaa gochuufis ni gargaara. Kanaafis ulaa galaanaa ofumashiitii misoomsitee to'attu argachuu qabdi" jedhan.

Gaaffii haqaqabeessaafi seeraqabeessa Itoophiyaan dhiyeessite kanarratti hundaa'uun ollaa Itoophiyaa kan taate Somaaleelaandi deebii hatattamaa kennite; waliigalteen bara darbe mallatteeffameen. Waliigalteen kun ammoo Somaaliyaa mufachiise.

Mufannaan kun garuu marii marsaawwan sadiin jaarsummaa Pirezidantii Turkiyyee Rasiip Xaayib Erdogaaniin dheengadda Ankaarraatti bakka Ministirri Muummee Abiyi Ahmad (PhD)fi Pirezidaantiin Somaaliyaa Sheek Mohammad Hasan argamanitti haala Itoophiyaafi Somaaliyaa waliigalchisiisuun goolabameera.

Kanaanis haalatti Itoophiyaan karaa qarqara galaanaa Somaaliyaatiin filmaata buufataa waarawaafi nageenyisaa amansiisaa ta'e argatturratti marii teknikii eegaluf waliigalamuun milkii guddaafi Itoophiyaan gaaffii haqaqabeessaafi seeraqabeessa dhiyeessuushiif ragaa kan ta'uudha.

Waltajjii murteessaa ajandaa walitti qabuu Oromiyaatti

Ammaan tana biyya keenyatti mataduree, "Itoophiyaan mari'ataa jirti" jedhuun mariin boqonnaawwan adda addaatti qoodame Komishinii Marii Biyyaalessaatiin adeemsifamaa kan jiru yoo ta'u, akeeknisaa inni dhumaas walddhabdeen kamuu mariifi marii qofaan akka furamu gochuudha.

Adeemsa kana keessatti kaayyoo gooroon komishinichaa qooda fudhattoota adda addaarraa ajandaa walitti qabuudha. Kanaanis qooda fudhattoota marichaa jidduutti walamantaafi hariiroo gaariin ni uumama.

Marsaa marii ajandaa walitti qabuu adeemsifamaa jiru keessatti qooda fudhattoonni dhimma biyyasaaniiratti hirmaachuu qaban dhimma waloosaaniiratti walga'anii nimari'atu.

Mariin biyyaalessaa adeemsa dimokraatawaa qooda fudhattoonni hundi abbummaan walqixa keessatti hirmaataniidha. Kutaalee biyyaatiin adeemsi kun itti raawwatamerra hubachuun kan danda'amus tumsiifi kaka'umsi qooda fudhattoota cimaa ta'uun milkaa'ina marichaatiif gumaacha olaanaa qabaachuusaati.

Komishiniin Marii Biyyaalessaa baatii Caamsaa darberraa kaasee naannolee sagaliifi bulchiinsota magaalaa lamatti hojii ajandaa walitti qabuu milkaa'inaan kan xumure yoo ta'u, Mudde 7 hanga 15 bara 2017tti ammoo kan Oromiyaa, Magaalaa Adaamaatti adeemsifama.

Waltajjii murteessaa kanarratti bakka buutonni kutaalee hawaasaa aanaaleerra babahan, abbootiin Gadaa, haadhooliin Siinqee, dhaabbileen amantii, waldaaleen barsiisotaafi siviikii, hojjechiistoota, ogummaa, loltoota duraanii, miidhamtoota qaamaa, dhaabbilee miidiyaa; paartiileen naannoofi biyyaalessaa, konfedereeshiniin hojjetootaa ni hirmaatu.

Akkasumas qaamoleen raawwachiistuu mootummaafi abbootiin seeraa naannoo, manni marii naannoo, namoonni beekamoon, waldaalee mana marii daldalaa, dubartoofi dargaggootaa, barsiisonni yunivarsiitiifi hojjettoonni mootummaa, walumaagalaatti namoonni kuma torbaafi 20 waan qooda fudhataniif odeeffannoo dhimmoota tarsiimoo fayyadaniifi adeemsa marii itaanuuf galtee ta'an waan eegamaniif qooda fudhattoonni dammaqinaan hirmaachuu qabu jenna.

Yaada/Ajandaa



Manneen jireenyaa jiraattota sababa misoomaatiin ka'aniif kennaman keessaa

"Hojiileen misoomaa Finfinneetti raawwatamaa jiran fayyadamummaa ummataa mirkaneessaa jiraachuusaaniitiin madaalamu"

- Kantiibaa Aadde Adaanach Abeebbe

Natsaannat Taaddasaatiin

Wiirtuun misooma bu'uraa qindaa'aafi mana iireenyaa Finfinnee, kutaa magaalaa Aqaqii Qaallittii, naannawa Koyyee Faccee, Galaan Gurraatti qarshii miliyoona 286.7n jiraattota magaalaa Finfinnee naannawa Kaazaanchiisii sababa misoomaatiin ka'aniif ijaarame Wiixata darbe bakka Kantiibaa Magaalaa Finfinnee Aadde Adaanach Abeebbe hoggantoonni biroofi jiraattonni manni jireenyaa kennameef argamanitti eebbifame.

Hojiileen misoomaa magaalaa Finfinneetti raawwatamaa jiran fayyadamummaa ummataa mirkaneessaafi magaalattii jireenyaaf mijataa taasisaa jiraachuusaaniitiin kan madaalaman ta'uus eeraniiru. Hojiileen misoomaa hojjetamaa jiran hundi fayyadamummaa ummataa mirkaneessaafi miidhagina magaalattii dabalaafi jireenyaaf mijattuu taasisaa jiraachuu himu.

Jiraattota magaalaa Finfinnee sababa misoomaatiin naannawaa Kaazaanchiisii ka'aniif manneen kuma tokkoofi 200 yeroo gabaabaa keessatti lafa hektaara 10 irratti yeroo gabaabaa keessatti ijaaramanii xumuramanii jiraattota magaalaa Finfinnee sababa misoomaatiin qe'ee isaaniirraa kaafamaniif kennamuu himanii, manneen kunneen sadarkaasaanii kan eeggatan, bu'uraalee misoomaa barbaachisaniin kan guutamaniifi dhaabbiifi yeroodhaan namoota kuma tokkoofi 646f carraa hojii kan uumu ta'uus eeraniiru.

Wiirtuun misooma bu'uraa qindaa'aafi mana jireenyaa kun daandii asfaaltii kiiloometira 1.6, terminalii altokkotti atoobisoota 20 ol keessummeessu, manneen barnootaa oolmaa daa'immanii kaasee hanga sadarkaa lammaffaatti qabu, warshaa biddeen tolchu kan shiiftii sadiin harmootii 270f carraa hojii uumu, wiirtuu maanguddoota humna hinqabneefi nama isaan gargaaru hinqabne 500f guyyaatti altokko nyaata dhiyeessu, warshaa guyyaatti daabboo kuma 60 omishuufi

baaburawwan midhaan daakan afur, iddoo tursiisaafi bashannanaa daa'immanii sadarkaasaa eeggate, iddoowwan oolmaa ispoortii lamaafi iddoo magariisaafi bashannanaa qaba.

Manneen jireenyaa ijaaramanii kennaman kan jiraattonni bara jireenyasaanii hafe itti gammadanii keessa jiraatan ta'uu himanii, abbootii qabeenyaafi qaamolee ijaarsa manneeniifi bu'uraalee misoomaa achitti ijaaramanirratti qarshiifi ogummaasaaniitiin hirmaannaa olaanaa taasisanis galateeffataniiru.

Hojiilee misooma Finfinneetti adeemsifamaa jiraniin walqabatee manneen jireenyaa kuma saddeetii ol qarshii biliyoona 10 oliin ijaaramanii jiraattota sababa misoomaatiin ka'aniif kennamuu eeranii, qarshiin biliyoona 12 ol beenyaaf kaffalamuufi lafti hektaara 100 kennamuu himaniiru.

Aadde Salaamaawit Qannaa duraan Magaalaa Finfinnee naannawaa Kaazaanchiis jiraachaa akka turaniifi yeroo ammaa mana jireenyaa Galaan Gurraatti ijaaramee kennameeffitti galan keessaa isaan tokko. Akka isaan jedhanitti, bakka duraan jiraachaa turan jiraattonni baay'een walitti gobbatanii waan jiraniif jireenyaaf hagas mara mijataa hinturre.

Manni jireenyaa haaraan ijaaramee isaaniif kenname garuu jireenyaaf daran mijataadha. Bu'uraalee misoomaa baay'een hojjetamaniiru. Kanneen hafan ammoo yeroo keessa nuu guutamu jennee abdanna. Ammatti garuu tajaajilli baankii murteessaa waan ta'eef utuu dafee nuuf banamee jechuun gaafataniiru.

Bu'uraaleen misoomaa barbaachisan kanneen akka manneen barnootaa, suuqonni, daandii, ibsaa, akkasumas tajaajilli geejjibaafi kanneen biroon isaaniif guutamuu himanii, manni jireenyaa itti galanis qulqullina sadarkaasaa eegeen kan ijaarame ta'uufi ibsaafi bishaan gahaa waan qabuuf jireenyaaf daran mijataa ta'uufi haalli qilleensa naannawichaas baay'ee mijataa ta'uus himu.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Piresii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Piresii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waasihuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

Rakkoon nageenyaa furamuusaatiin invastaroonni fuulasaanii gara magaalaa Ambootti deebifachaa jiru

Gammachuu Kadiriin

Amboo: Rakkoon nageenyaa furamuusaatiin invastarootni fuulasaanii gara magaalaa Ambootti deebifachaa jiraachuu Bulchiinsi Magaalaa Amboo beeksise. Yeroo ammaa kana invastarootni 195 ol ta'an hojii invastimantii magaalatti irratti bobba'anii jiraachuun ibsameera.

Kantiibaa Ittaanaan magaalichaa Obbo Tasfaayee Daggafaa addatti tibana Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, magaalaa Amboo Saboota, sablammootaafi ummattoota waliin ta'uun sirna cunqursaa baroota darbanirratti qabsaa'uun jijjiirama har'a jiru argamsiisuu keessattis shoora olaanaa qabdi. Sababa kanaanis qorqalbiin jiraattota magaalattii misoomarraa gara qabsootti dhufee ture. Ta'us barii jijjiiramaa asi bilisummaafi nageenya argame tikfachuun yeroo ammaa kana bu'aa nageenyaa argamaa jiruun invastarootni irraa dheessanii turan gara Amabootti akka deebi'an taasisaa jira.

Sochiin waliigalaa magaalattii keessaa yeroo ammaa mul'atu bu'aa tikfamuu nageenyaatiin kan argame ta'uufi magaalii Amboo fuulashee gara misoomaatti akka deebifattu taasisee jiraachuu himanii, kanaafis, guyyaan ayyaana saboota sablammootaafi ummattoota Itoophiyaa 19^{aan} baranaa sadarkaa Oromiyaatti kabajamu Ambootti ta'uun wiirtuu nageenyaafi misoomaa ta'aa akka jirtu kan agarsiisu ta'uu himu. Dabalataanis,



Sochii misooma kooridarii magaalaa Amboo keessatti geggeeffamaa jiru

bu'aaleen qonna magaalaa waldaalee gurmaa'anii gaggeeffamaa jiru sagantaa maaddii guutuu akka biyyaatti gaggeeffamaa jiru galmaan ga'uuf haala mijaawaa uumaa jiraachuu ibsaniiru.

Akka ibsa isaaniitti, barii jijjiiramaa bu'aa tikfamuu nageenyaa argamaa jiruun hawaasni gara misoomaatti akka deebi'uuf mootummaan bajata jiru ramadee ummata hirmaachisuun hojiiileen misoomaa garagaraatu hojjetamaa jira. Mootummaan federaalaa misooma daandii bal'aa magaalaa Amboo keessa qaxxaamuru hojjechaa jira. Mootummaan naannoo Oromiyaa daandiiwwan keessoo kiloomeetira 16 ta'u ijaarsisaa jiraachuu himanii; bulchiinsi magaalaa Amboo bajata qabuufi hawaasa hirmaachisuun netwoorkii

daandiiwwan keessaa akkasumas ijaarsa koobilistoonii taasifamu dabalatee hojiiin bu'uraalee misoomaa bal'aan hojjetamaa jira. Amboo magaalaa "Daandiifi garaan tokko" jedhamaa ture yeroo ammaa kana gara "daandiin hedduu garaan tokkotti" jedhutti jijjiiramaa jira jedhaniiru.

Kana qofas utuu hintaane magaalii Amboo giddugala Oromiyaa Lixaa jedhamtee waan beekantuuf humni nama baratee gara giddugaleessa biyyaatti imalu magaalaa Amboo buufatee carraa hojii waan barbaaddatuuf hojiiin sochii dinagdee magaalattii cimsuu bal'aan hojjetamaa jiraachuu dubbatu. Kuufamni namoota hojii barbaadaniifi dandeettiin carraa hojii uumuu magaalattii waan walhinsimneef hojii abbootii qabeenyaa hirmaachisuun



Obbo Tasfaayee Daggafaa

hojii invastimantii babal'isuun carraa hojii uumuuf hojjetamaa jiraachuus ni himu.

Bu'aa nageenya tikfamaa jiru bu'uura godhachuudhaan hojii invastimantii babal'isuu hanga ammaatti hojjetameen yeroo ammaa kana akaakuu hojii garagaraarratti invastarootni 195 ol ta'an magaalaa Amboo keessatti bobba'uu himanii, kanneen keessaa %70 ol hojii keessa galuun bara 2017tti namoota 20 ol ta'aniif carraa hojii uumuuf karoofamee hojjetamaa jiraachuu ibsu. Bu'aan argamaa jirus bu'aa qabsoo ummatichaa waan ta'eef ummati magaalaa Amboofi Godina Shawaa Lixaa qaamolee nageenyaa waliin ta'uudhaan nageenyaasani tikfachuudhaan hundumtuu gara misoomaatti deebi'ee jiraachuu ibsaniiru.

Atara boonsituufi boloqqeen godinichaa kuntaala miliyoona tokkoo ol gabaa alergiif qophaa'e

Waasihun Takileetiin

Finfinnee: Misoomni Atara Boonsituufi Boloqqee bifa addaan Godina Shawaa Bahaa keessatti oomishamaa ture sassaabamee gabaa alergiif qophaa'uu Itti Gaafatamaan Waajjira Qonnaa godinichaa beeksisan.

Ittigaafatamaan Waajjira Qonnaa Godina Shawaa Bahaa Obbo Masfin Tashoomaa ibsa addatti Gaazexaa Bariisaaf Kibxata darbe kennaniin godinicha keessatti misoomni atara boonsituufi boloqqee xiyyeeffannoo argatee irratti hojjetamaa turuu kaasaniiru.

Misooma atara boonsituufi boloqqee lafa hektaara kuma shantamarratti facaafamerra oomishni kuntaala miliyoona tokko sassaabamuu kan kaasan obbo Masfin gabaa sharafa alaaf qophaa'uu kaasaniiru. Atari boonsituu lafa hektaara kuma toorbarra, boloqqeen akaakuuwwan afur ammoo lafa hektaara kuma 43rratti facaafamuufi sassaabamee gabaa alergiif qophaa'uus ibsaniiru.

Misoomichi akka godinichaatti bifa addaan xiyyeeffannoon hojjetamaa turuu yoo kaasan bu'a qabeessummaansaa daran olaanaa waan ta'eef gara bal'inaan oomishuutti seenamuus yaadachiisaniiru. Atara boonsituufi boloqqee omishuu qofti

gahaa waan hintaaneef oomishtoonni gabaa alergi keessatti qooda akka fudhataniif haalli mijataa uumamaa jiraachuus kaasu.


Akka godinichaatti qonnaan bultoonni gara investimantiitti cehan waggaa waggaa lakkoofsaan dabalaa kan jiran yoo ta'u yeroo ammaatti gara 1500tti olguddachuu himaniiru.

Qonnaan bultoonni investimantiitti cehan kunniin alergi keessatti hirmaachuun alatti hojiiilee misoomaa indastirii, hoteelaafi misoomaalee biroo keessatti qooda akka fudhataniif xiyyeeffannoon kennamee hojjetamaa jira jedhaniiru.

Oomishaafi oomishummaansanii dachaan akka dabaluufti fayyadamni mekaanaazeeshinii qonna ammayyaa akka babal'atu inisheetiiviiwwan mootummaan diriirses haalaan hojiiira akka oolaniif hordoffiifi deeggarsi walirraa hinicinne taasifamaa jira.

Milkaa'inni omisha atara boonsituufi boloqqeerratti argame kun dachaan akka dabaluufti hojjetamaa kan jiru yoo ta'u godinichi misooma inisheetiivii qamadiinis maqaa kan qabu ta'uu yaadachiisaniiru.

Alergii oomisha qamadiin Itoophiyaan ittiin maqaa guddaa horattetti Shawaa Bahaan



ishee tokko yoo taatu, haalli qilleensashii baddaa, badda dareefi gammoojjii hunda keessattuu omishaafi omishummaaf mijataa ta'uu kaasaniiru.

Inisheetiiviiwwan akka naannootti gadi

- Obbo Masfin Tashoomaa

bu'an 28 keessaa 25 guutummaa guutuutti godinicha keessatti hojiira ooluu himanii rakkoon dhiyeessii kombaayneraafi tiraakteraa akka furamuufis xiyyeeffannoon irratti hojjetaa akka jiranis himu.

Barana tiraaktara 200 dhiyeessuuf karoofame keessaa 31 milkaahuu, lakkoofsi kombaaynera dabalaa jiraachuu dubbatanii, aadaan kilaastaraan omishuufi misooma jallsii akka gabbatuufis hojjetaa jiru.

Barana aanaalee 11tti lafa hektaara kuma 390 uwwisuuf karoofame keessaa lafti hektaarii kuma 156 yoo qotamu, hektaarii kuma 105 ol midhaan garagaraan uwwifamuu himaniiru.

Lafa jallsiin midhaan gara garaan misooma kanarraa galii callaa kuntaala miliyoona 16 argamsiisuuf humna guutuun hojjetamaa akka jiru ibsaniiru.

Hojiin qonnaa lafee dugdaa biyyaa ta'e kun bu'aa hirmaannaa mootummaa, qonnaan bulaafi ogeessota qonnaan deeggaramee dinagdee biyyaa utubuu keessatti adda duree ta'edha kan jedhan Obbo Masfin akka godinichatti xiyyeeffannoon guddaan kennameefii bonaafi ganna hojjetamaa jiraachuu beeksaniiru.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Mudde 5 Bara 2017

**Korojoo pilaastikii fayyadamuun hanga
qarshii kuma 10tti nama adabsiisa**

fuula 8



**“Barana Oromiyaatti pirojektonni
finnaa 17 xumuramanii hojii
jalqabu”**

- Injiinar Girmaa Raggaasaa

fuula 6



Artisti Sittiinaa

**Abbaaduulaa: Weelluushii
'Burtukaanii mitii
hadha'aadhaa' hanga
baandiiwwan guguddoo
Gadaafi Bilisummaatti**

fuula 9

KEESSUMMAA BARIISAA

“Barana Oromiyaatti pirojektonni finnaa 17 xumuramanii hojii jalqabu”

- Injiinar Girmaa Raggaasaa

Saamraawit Girmaatiin

Qonni Itoophiyaa barootaaf rooba irratti kan hirkate waan tureef guddachuu hindandeenye. Keessumaa biyyattiin biyya ummannishee utuu harka 80 ol qonnaan bulaa ta'ee jiruu barootaaf garuu waanjoo beelaa jalaa ba'uu hindandeenye.

Mootummaan amma aangoorra jirus kanuma hubachuun bonaa ganna qotamee wabiin midhaan nyaataa lammiilee akka mirkanaa'uuf, akkasumas midhaanota alaa galan biyyuma keessatti bakka buusanii isa hafe alatti erguun galii argamsiisuuf xiyyeeffannaa olaanaadhaan hojjetaa jira.

Kanaafis dameen jallsii sirnaan hogganamee hojii kana olaantummaan akka hojjetuuf seektarri dhimmicha hogganu sadarkaa federaalaafi naannootti hundaa'ee hojiiwwan jajjabeessoo hojjetaa jira. Akka Oromiyaattis Biiron Misooma Jallsiifi Horsiisee Bulaa waggoota shan dura akka haaraatti gurmaa'uun hojiilee hedduu hojjetaa jira. Nutis sochii waliigalaa biiricharratti hogganaa biirichaa Injiinar Girmaa Raggaasaa keessummaa keenya maxxansa kana taasifanneerra dubbisa gaarii!

Bariisaa: Yeroo keessaniif galatoomaa jechaa, mee dubbistoota keenyaan walbaraa?

Injiinar Girmaa: Isinis waan carraa kana naa kennitaniif galatoomaa jechuun barbaada. Maqaankoo Girmaa Raggaasaa jedhama. Bakki dhalootakoo Godina Iluu Abbaa Boor, Magaalaa Mattuu yoo ta'u, barnootakoo sadarkaa tokkoffaafi lammafaa achumattin baradhe.

Bara 1996 ammoo barnoota sadarkaa olaanaadhaaf gara Yunivarsitii Finfinnee, Faakaltii teknolojii seeneen Injiinar iingiidhaan baraa 2000 eebbifame. Isaa booda kallattiidhaan hojiitti seeneen bakkeewwan garagaraa ekispartummaarraa kaasee hanga gaggeessummaatti hojjedheera. Utuman hojiirra jirus Yunivarsitii Baahir Daarirraa “Environmental Engineering” dhaan digriikoo lammafaa fudhadheera. Akkasuma MBA' baradheera, hoggansaa wajjin walqabatees leenjiiwwan addaddaa fudhadheera.

Bariisaa: Gara hoggansaatiwoo yoom dhufan?

Injiinar Girmaa: Hojiiratti gara waggoota 16 dabarseera. Kana keessaa garuu waggaa afur caalaa ekispartummaadhaan hinhojjenne. Gara caalaa bakka addaddaatti hoggansarrattin dabarse. Fakkeenyaaf Godina Iluu Abbaa Boor keessatti Waajjira Bishaan, Albuudaafi Inarjii hogganeera.

Gara Federaalaattis dhufuun Ministeera Indastiriitti damee indastirii maanufaakchariingii hogganaan ture. Gara Oromiyaatti dhufuunis Ejensii Misoomaafi Babal'ina Indastiriitti akkasumas, Biiroo Barnoota Leenjii Tekniikiifi Ogummaa Oromiyaattis akkasuma ittaanaa hogganaan ture.

Godina Iluu Abbaa Booritti deebi'uun ergan bulchaa godinaa ta'ee hojjedhee booda Hogganaa Ittaanaa Biirolee Lafaafi Inwastimantiifi Indastirii Oromiyaa ta'ee tajaajileera. Wayita ammaa ammoo Hogganaa Biiroo Misooma Jallsiifi Horsiisee Bulaa Oromiyaa ta'een hojjetaa jira.

Bariisaa: Barataa akkamii turtan? Hawwiin keessan ijoollummaawoo maal ture?

Injiinar Girmaa: Sadarkaa godaarraa kaasee barataa sadarkaan ture. Kanin gara yunivarsitii seenes qabxii gaariidhaan ture. Yeroon baradhus ‘Medicine’ ykn Injiinaringii barachuun hawwa ture. Aniifi warri na waliin yunivarsitii seenan kanneen imaammata kutaa 10ffaa haaraa isa jedhamuun barannee warra jalqabaa waan turreef haala addaatiin maqaan nuu kannamee barataa turre. Ta'us dorgommiin ture cimaa waan tureef barumsa keenyarratti xiyyeeffannee barannee xumurre.

Haala guddinakoo yoon sii kaase, maatiidhuma galii gadaanaa qabanirraan dhaladhe. Ijoollee ofiin of guddisanii ofiin baratanin ture. Kompuyutara namaa kadhannee irratti barreessinee, qormaatawwan hedduu keessa baanee sadarkaa kana geenye.

Bariisaa: Gara hoggansaattoo nan dhufa jettanii yaaddanii beektuu?

Injiinar Girmaa: Dhugaa dubbachuuf hogganummaan ijoollummaadhumatti na jalqabe. Yommuun sadarkaa tokkoffaa baradhurraa kaasee ittigaafatamaa daree (moonitarii) ta'aan ture. Barsiisonnis yeroo baay'ee akkan waa qindeessuuf anatti kennu turan. Akkasumas, ani mana amantii keessattin guddadhe.

Achi keessatti garee faarfannaa (kuwaayeerii) gaggeessaan ture. Kanneenirraa ka'uun hogganummaan akka keessakoo jiru waantin hubadhu nijira. Garuu gaggeessaa siyaasaan ta'a jedhee hin yaadne. Hojiin hojjetu garuu gara sanatti si geessuu danda'a.

Bariisaa: Yeroo barataa turtanis ta'u amma gaafa yeroo qabaattan maaliin dabarsuu jaalattu?

Injiinar Girmaa: Ani gara caalu yeroodhuma boqonnaa jedhamuyyuu hinqabu. Garuu gidduutti gaafan yeroo banaa argadhu kitaaba dubbisuun jaaladha. Kanarraa kan hafe namootaa wajjin hariiroo hawaasummaa uumuun muuxannoo waliif qooduun na gammachiisa.

Bariisaa: Haala maatii keessanii osoo nuu ibsitani?

Injiinar Girmaa: Ani bultoo dhaabbadhee, ijoollee sadii horadheera.

Bariisaa: Mee gara seektara amma hogganaa jirtaniitti haa dhufnuutii kaayyoo biiron keessan hundeeffameef maali?

Injiinar Girmaa: Biiron Misooma Jallsiifi Horsiisee Bulaa Oromiyaa seektaroota kana dura jallsiifi horsiisee bulaa jedhamanii gargar turantu walitti dhufe. Dameen jallsii kana dura seektaroota addaddaa wajjin walitti hidhamee hojjetaama ture. Fakkeenyaaf bishaaniifi qonna jalatti akkasumas, ejensiifi abbaa taayitaa jedhamee moggaasawwan addaddaatiin of danda'ee hojiirra oolaa ture.

Kaayyoo ijoon jallsii qabeenya bishaanii lafarraafi jalaa fayyadamuun misooma qonnaa saffisiisuu, deeggaruu, beeksisuufi qonna hirkattummaa roobaa jalaa baasuudha. Horsiisee bulaan ammoo hawaasni lafa jireenyasaarraa ka'e miidhamaadha.

Irradeddeebiidhaan faalama qilleensaaf saaxilamaa waan ta'efis bakka hongeen



Stuurri: Gabaaboo Gabreetiin

itti babal'atuudha. Akkasumas, bakkee bu'uraaleen misoomaa itti hinbabal'anneefi haalli jireenyaasaanii horsiisarratti kan xiyyeeffateedha. Bakki kun akka Itoophiyaattis ta'u Oromiyaatti bakka qabeenyi guddaan jiruudha.

Haa ta'u malee sababa xiyyeeffannaa ga'aa dhabuutiin bu'uraaleen misoomaa naannawa sanatti babal'achuu hindandeenye. Kanarraa ka'uun bakkee beelaa, hongeeffii waraanaa ta'aa turaniiru. Sirmoonni darbanis dhiibbaa irraan ga'anii maqaa addaa kennaniifi ummata jiraataa turedha.

Kanarraa ka'uun, kana jijjiiruuf keessumaa qabeenya naannawa kana jirutti hawaasni horsiisee bulaas ta'u biyyi akka irraa fayyadamtu gochuuf, misoomni naannawa horsiisee bulaatti gaggeeffamu xiyyeeffannaa barbaada. Giddugaleessaan xiyyeeffannaan naannawa horsiisee bulaa, rakkoonsaa ijoon bishaani.

Jallisiin ammoo kaayyoonsaa misoomsuu waan ta'eef rakkoo ijoo horsiisee bulaa hiikuuf seektaroonni kunneen yoo walitti dhufan, gamtokkoon lafa bal'aa naannawa baddaa Oromiyaan qabatee jirturratti hojii misooma jallsiitiin hojjechaa, adaduma sanaa naannawa horsiisee bulaatti ammoo bu'uraalee misoomaa bishaanii bal'isuun jallsiitiin rakkoo horsiisee bulaa furuu danda'a jedhamee walitti dhufe.

Kanaaf kaayyoon seektarichaa tokkoffaa, bu'uraalee jallsii baddaattis gammoojjittis galtee misoomaa ta'uu danda'an babal'isuu akkasumas, kanneen kanaan dura ijaaramanii jiran ammoo bulchuudha. Oromiyaan qabeenya bishaanii lafarraafi lafa jalaa waan qabduuf qabeenya kanatti sirriitti fayyadamuun galtee misoomaa haa goonu kan jedhurraa ka'a.

Lammaffaan, kaayyoo jiruufi jireenyi naannawa horsiisee bulaa jijjiiramuu qaba jedhudha. Kana jechuun horsiisee bulummaasaa dhiisee qonnaan bulaa ta'a jechuu osoo hintaane akkaataadhuma

jireenyaasaatu jijjiiramu qaba.

Kanaafis margaafi bishaan bakka horsiisee bulaa kana akka jiraatuuf gargaaruudha. Kanaanis ofiif fayyadamuurra darbee gurguree galii akka itti argatuufi jireenyisaa akka fooyya'uu taasisuufi. Manneen barnootaa, daandiifi bu'uraaleen naannawasaa jiru akka fooyya'u hojjeta.

Lafa dheedichaa naannawa horsiisee bulaa bira jiru misoomsuu, jiruufi jireenya hawaasa horsiisee bulaa jijjiiruu, kunis liqaafi qusannaallee mijeessuufi ni dabalata. Kanneen lamaantu walitti dhufee kaayyoo ijoo mana kanaa ta'e jechuudha.

Bariisaa: Kanneen bu'ureffachuun, keessumaa erga haala kanaan walitti dhufee ijaaramee dhihoodhaatii, maaltu hojjetame? Akkuma jedhame qabeenyi bishaanii misoomee, jiruufi jireenyi horsiisee bulootaa jijjiiramaa jiraa?

Injiinar Girmaa: Waggaa ja'a as erga biyya kanatti riifoormiin hoggansaa taasifamee booda seektarri kun kan hundaa'e. Kunis misooma qonnaa biyyattiiratti tiraansfoormeeshinii fideera. Qonna keessatti akka biyyaattis ta'e Oromiyaatti waanti haaraan dhufe qamadii ganna malee bona qotuun hinturre. Kanarratti bu'uraaleen misoomaa babal'ataniiru jechuu baannus paampiiwwan fayyadamuun miira yeroo hinqabnuutiin misoomsuun danda'ameera. Bishaan amma ijaaramii, jallsiifi mandara keessa yaasanitti waan yeroo fudhatuuf waan qabnu fayyadamuun omishuun dirqama.

Kanaafuu, Mootummaan Naannoo Oromiyaa xiyyeeffannaa olaanaa kennuufiin omisha qamadii lafa hektaara kuma torba ture bara 2017tti lafa hektaara miliyoona afur qotuuf karoorri qabameera. Kanarraas callaa kuntaala miliyoona 200 oltu eegama.

Kun jijjiirama olaanaa yoo ta'u, seektarichi

KEESSUMMAA BARIISAA

“Barana Oromiyaatti pirojektonni finnaa 17...”

qabatamaadhaan qonna jallisii bonaatiif bishaan dhiheessaafi hirkattummaa rooba jalaa ba’uu isa jedhu mirkaneessaa jira. Tajaajila bishaanii ittifufiinsa dhiheessuuf ammoo bu’uuraalee jallisii babal’isuun murteessaadha.

Kanaan walqabatee waggaa waggaadhaan yoo xiqqaate pirojektota 100 ol, iskeemiiwwan xixiqoorraa kaasee hanga pirojektota guguddootti ijaarree eebbisiisaa akkasumas, kan qabnu suphaa jirra. Haala kanaan adaduma ummanni keenya jallisiidhaan waggaatti si’a lama sadii omishuun dhaabbataa ta’ee ittifufuu danda’eera jechuudha.

Inni biraan naannawa horsiisee bulaati. Naannawa kanatti hongee waggoota lama dura mudatee tureen horii hedduun dhumaniiru. Osoo hongeen hindhufiin waggaa tokko dura pirojektota finnaa jedhamaniifi naannawa horsiisee bulaatti bishaan cimmiisuu danda’an 73 jalqabamaniiru.

Kanneen keessaa ammatti pirojektonni 24 xumuramanii bishaan meetirik kuubii miliyoona 80 ol qabataniiru. Kun silaa bishaan akkasumaan yaa’ee darbee iddoo biraa deemu ture. Barana ammoo pirojektonni 17 xumuramanii hojii kan jalqaban ta’a. Kanaaf amma naannawa horsiisee bulaatti utuu roobni hinroobiin waggaa tokkoof turee bishaan dhabamee rakkoo keessa hinseenamu jechuudha. Haala kanaan akkuma ka’umsa keenyarratti kaayyoowwan guguddaa qabannee kaane lafarrattis bajata biliyoonotaan lakkaa’amu ramadamee hojjetamaa jira.

Bariisaa: Pirojektota finnaa hafan kaan hoo yeroo ammamii keessatti xumuruuf karoorfattan?

Injiinar Girmaa: Akkuma beekamu bulchiinsi pirojektotaa biyya kana keessa jiru rakkoo mataasaa qaba. Kontiraaktarii, gorsaaniifi abbaan pirojektii walitti dhufaniitu pirojektiin tokko milkaa’a. Amalli pirojektichaas akkasuma dhiibbaa mataasaa qaba.

Pirojektonni finnaa qabaman 73n silaa waggaadhuma tokko keessatti xumuramuu qabu turan. Garuu, dhiyeessii meeshaalee ijaarsaa, qaala’iinsa gabaa, dandeettiin raawwachiisummaa kontiraakataraa dadhabaa ta’uun, rakkoon nageenyaafi dhimmoonni walqabatan pirojektonni waggaa lama sadii akka dheeratan taasisaniiru.

Bariisaa: Pirojektonni finnaa godinaalee rakkoo nageenya qabanitti hinhojjetamne taanaan, naannawa sanatti filannoowwan maaliitu hojiirra oolaa jira?

Injiinar Girmaa: Pirojektiin finnaa 73n kan hojjetaman godinaalee Gujii, Arsii, Shawaafa’itti. Pirojektiin kun bishaan cimmiisuuf kan fayyadu yoo tahu, bakkeewwan rakkoo nageenya nu mudatetti jallisii aadaa fayyadamaa jirra. Bakka bishaan kuufame jiruutti ammoo paampiiwwan kennamanitti fayyadamaa jiru.

Bariisaa: Bakkeewwan kanneeniitti paampiidhuma raabsuufiyuu mijataa turee?

Injiinar Girmaa: Eeyyee, qonnaan bultoonnis ofisaanii dhufanii ni fudhatu. Kanarraan ammoo paampii waggaa yeroo tokko geeffamee raabsama malee hojii waggaa guutuu hojjetamu waan hintaaneeff hangas mara rakkoo hintaanee.

Bariisaa: Pirojektii Tiblaatiin walqabatee yommuu komiiwwan addaddaa ka’an dhaga’ama. Maddi komii kanaa maalii, ammaawoo pirojektichi sadarkaa akkamiirra jira?

Injiinar Girmaa: Pirojektiin Tiblaa wayita ammaa tajaajilarra jira, erga xumurames tureera.



Garuu fedhiin naannawa sana jiruufi pirojektichi walhinsimu. Pirojektichi lafa hektaara kuma ja’a qofa omishuu danda’a; fedhiin jiru garuu isaa oli. Komiin ka’us kanumaan walqabata jechuudha. Fuuldurattis qorannoo dabalataa taasisuun haala namoota dabalataa fayyaduu danda’uurratti ni hojjetama.

Bariisaa: Pirojektota haalota addaddaatiin hojjetaman kanneen egaa kunuunfachuu kan qabu hawaasa. Hubannoo hawaasaa cimsuurratti haala kamiin hojjetu?

Injiinar Girmaa: Hojii jallisii amalumsaatiin yommuu hojjetamu hirmaanaan hawaasaatiin hojjetama. Dura akkamiin akka hojjetamu, akkamitti faayidaarra akka ooluufi kunuunsa taasifamuu qaburratti erga hubannoon uumamee booda hojjetama. Utuu kun hinraawatiin hojiin dizaayiniyyuu hinhojjetamu. Akka waliigalaatti hojii hawaasa hinhirmaachisne bu’aansaa quufsa waan hintaaneeff biiroon keenya kanaaf xiyyeeffannaa addaa kennee hojjeta. Sababnisaa pirojektiin yommuu hojjetamu dhimmoonni akka kabachiisa daangaa, eeguufi kunuunsuu waan ka’aniif dirqama hawaasa hirmaachisuu qaba jechuudha.

Haala kanaan mootummaan pirojektota ittigaafatamumaadhaan ijaaree hawaasatti dabarsa. Waan hojjetame kunuunsanii ittifayyadamuun kan hawaasaa yoo ta’u, adeemsi ittiin hordofamu garuu ni jira.

Bariisaa: Haala amma jiruun bishaan jallifame qisaasama malee sirnaan faayidaarra oolaa jira jechuu dandeenyaa?

Injiinar Girmaa: Jechuu hindandeenyu. Jallisiin amalumsaa teknoloojii ta’uusaatiin hubannoofi mala barbaada. Hawaasni keenya ammoo hubannoorratti hanqina qaba. Ujummo jallisii kana bancee gabaafaa kan dhaqutu jira. Kunimmoo bishaan garmalee akka dhangala’uu gochuura darbee, biqiltuun bishaan humnaa olii fudhachuun omisha kennuu qabu akka hinlaanne taasisa.

Namni tokko tokkommoo akkasumaan bishaaniif xaa’oo baay’ee biqiltuutti naquun omisha waan dabaluu kan itti fakkaatu jira. Kanimmoo hamma barbaadamuu gadi itti naquus ni jira. Kana hundumtuu hubatee hojiirra oolchaa jira jechuun rakkisaadha.

Isa kanaaf egaa hojii hubannoo uumuu ittifufiinsa qabu barbaada. Qonniifi jallisiin keenya yoo nama barateen hogganamaa deeme malee bishaan qisaasessuun baay’inaan inuma jiraata. Kanarratti seektaroota akka qonnaafi kanneen dhimmichi ilaallatu waliin ta’uun irratti

hojjetamaa kan deemu ta’a.

Bariisaa: Dhiheessiiwwan galtee qonnaaf barbaachisaniin walqabatee waanti jiru maal fakkaata? Keessumaa guddistuu callaafi sanyii filatamaa dhiheessuurratti qoodni biiroo keessanii maali?

Injiinar Girmaa: Hojiin seektara kanaa walhidhataadha. Fakkeenyaaf ergamni biiroo keenyaa qonnaaf bishaan dhiheessuudha. Erga nuti dhiheessinee boodammoo seektarri qonnaa lafti akkamitti saayinsiisaa eegee akka qotamu mijeessa. Galtee qonnaaf barbaachisu kan dhiheessummo waldaalee hojii gamtaati. Yeroo baay’ee eegaa qaamoleen addaddaa kunniin walitti dhufnee waliin hojjechuuf yaalii ni taasisna.

Akka carraa ta’ee sadarkaa aanaatti seektaroonni kunneen hundi tokko ta’aniiru. Kanaaf kanaa booda dhimmi kun caalaatti fooyya’aa abdiin jedhun qaba.

Bariisaa: Hojiin seektara kanaa egaa qindoominaan kan hojjetamudha. Hojiin gama kanaan hojjetamummo bal’aadha. Kanaaf eenyuurraa maaltu eegama?

Injiinar Girmaa: Qooda fudhattoonni seektara kanaa hedduudha. Inni guddaan hojiin kun hoggansa sirrii argannaan waan baay’ee hojjechuun ni danda’ama. Fakkeenyaaf Oromiyaan poteenshaala bishaan lafarraafi lafa keessaa hektaara miliyoona ja’a ta’u ittifayyadamuu dandeessu qabdi. Teknoloojiin itti dabalammaan ammoo miliyoona 10 iyyuu ga’uu danda’a. Kanaaf lafti Oromiyaan qabdu bal’aadha jechuudha.

Kanaafis qaamolee hundi hirmaachuu qabu. Fakkeenyaaf biiroon keenya hanga sadarkaa godaatti bishaan dhiheessuuf dirqama qaba. Biiron qonnaa ammoo ittifayyadamnisaa karaa sirnaan akka deemuuf hojii qonnaa sirnaan gaggeessuu qaba. Waldaan Hojii Gamtaa ammoo harkifannaan torban tokkoo omisharratti dhiibbaa waan fiduuf sanyii guddistuu callaa yeroodhaan dhiheessuu qaba. Egaan warri kun sadarkaa gubbaarraa kaasee hanga gajjallaatti qindoominaan hojjechuun isaan barbaachisa.

Inni guddaan garuu, ittigaafatama caalu kan qabu qonnaan bulaa isa omishni maasaa isarraa jirudha. Wantoonni jedhaman hundi dhihaatanii, qonnaan bulaan sirnaan hojiitti hiikee hinfayyadamu taanaan bu’aa hinqabu. Kanaaf qonnaan bulaan keenya of si’eessuun hojjechuu qaba.

Hojii seektaroonni kunneen hojjetan hojii deeggarsaati malee dhaabbataa miti.

Dhaabbataadhaan kan hojjetee omishtummaa dabaluu qabu qonnaan bulaadha. Qonnaan bulaan carraa amma argame kanatti sirnaan fayyadamuu qaba. Hojjettoonni seektarootaas deeggarsa ogummaa irraa eegamu hunda ba’achuun manii qabame milkeessuurratti ittigaafatamasanii ba’achuu qabu. Yoo kana ta’e imalli hiyyummaa keessaa bahu dheeraa hintahu.

Bariisaa: Akka waliigalaatti ergaa yoo qabaattan carraan isinii kenna.

Injiinar Girmaa: Egaa qonni meeshaa hiyyummaa jalaa ittiin baanudha malee kana bara jireenyaa hojjetanii ittiin jijjiiraman miti. Biyyi qonna qofaan guddate baay’een hinjiru. Sababnisaa qonni lafa ittiin nama ga’u kan mataasaa qaba. Achi geenyaan fagoo nama hindeemsisu.

Ammaaf garuu akka biyyaattis ta’u Oromiyaatti filannoo biraa hinqabnu. Amma xiyyeeffannaa keenya ta’uu kan qabu qonna. Qonni guddate gara indastiriitti ce’uuf omishni dabalammoo qaba. Omishni immoo kan dabaluu roobarratti hirkattee miti. Omisha dabaluu kan danda’amu bishaan lafa jalaa lafarraa duguuganii fayyadamuun yoo danda’ameedha.

Kana gochuuf ammoo qonnaan bulaa hundi oyirusaa keessatti yeroo rooba argatu bishaan cimmiifachuu danda’uu qaba. Kanaaf qaama biraa eeguu hinqabu. Namni hunduu haroo mataasaa qabaachuu qaba ilaalchii jedhu jiraachuu qaba. Namni akkas godhee mana manasaatti yoo jijjiirama fidu of bira darbee jijjiirama biyyaa fida. Omishaafi omishtummaa dabaluu ittifayyadama bishaanii dabaluu qabna jechuudha.

Qaamoleen ittigaafatama kanaa qabanis qonnaan bulaa gargaaruu qabu. Ogeessonnis deeggarsa teknikii taasisuufii qabu. Fakkeenyaaf qonnaan bulaan waanuma boolla qoteef bishaan cimmiisuufi dhiisuu danda’a. Keessoosaatti sharaa gochuu akka qabufaa hubannoo kan uumu ogeessa.

Kanaaf akka waliigalaatti qonni keenya akka jijjiiramuuf hirkattummaa roobaa jalaa ba’uu qabna; qonni keenyas kan jijjiiramu yeroos waan ta’eef. Qonni keenya yoo guddate maleemmoo indastiriitti ce’uu hindandeenyu. Biyyis kan guddattu indastiriidhaani.

Nuti waan bobo’aa gurgurannu hinqabneef jijjiiramni keenya dafqa keenyarra jira jechuudha. Sooramuufi badhaadhinatti ce’uun kan danda’u dafqanii yoo hojjetan qofa.

Gama horsiisee bulaatiinis ilaalchi jiru jijjiiramu qaba. Naannawaan horsiisee bulaa bakka qabeenyi olaanaa jiruudha. Lafti misoomuu danda’u bal’aanis kan argamu naannawichatti waan ta’eef kanarratti hojjetamuu qaba.

Bu’uuraalee misoomaa guutuunis dirqama. Fakkeenyaaf utuudhuma horii gaanfaa qofa gurgurra jennee hojjennee biyyoota Arabaatti baay’ee barbaadama. Garuu maqaa keenyaan biyyoota kaantu gurgurata. Kanaaf bu’uuraalee misoomaa kanneen akka bakka tursiisaa ijaaruuf irratti abbootiin qabeenyaa hirmaachuu qabu.

Horsisee bulaanis bu’aa horsiisarraa argatuun jireenyasaa jijjiiruu danda’uu qaba. Dinagdee hongee dandamatu yoo hinijaariin, yoomiyyuu hongeen dhufu horii nu jalaa fixe jechuufi qamadii kadhachuun nun baasu. Kanaaf qulqullinarratti xiyyeeffannee hojjechuufi bu’aa isarraa argamuun ammoo dinagdee hongee dandamatu ijaaru qaba.

Ilaamee...



Balfi gogaan faalama naannawaatiif balaafamaa waan ta'eef of eeggannaadhaan dhabamsiifamuu qaba

Korojoo pilaastikii fayyadamuun hanga qarshii kuma 10tti nama adabsiisa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Haala bulchiinsa balfa gogaa ilaalchisee wixineen labsii “Qabiinsaafi dhabamsiisa balfa gogaa” tibba darbe Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataaf dhiyaate gaaga’ama balfa gogaan walqabatu haalaan kan xiqqeessu ta’a. Korojoowwan pilaastikiirraa yeroo tokko qofa tajaajila kennan omishuun, biyya alaati galchuufi fayyadamuun adabbii cimaa akka dhaqqabsiisu tumameera.

Akka wixinee labsichaatti, namni korojoo pilaastikii yeroo tokko qofa tajaajila kennan fayyadame yookiin fayyadamuuf harkatti qabate qarshii 5000-10000 adabaa. Biyya alaati galchuun, gabaaf dhiyeessuufi omishuun adabbii qarshii 50,000-100,000 dhaqqabsiisuun dabalata hidhaa cimaa hanga wagga shanii hordofsiisa. Hundaa ol, garuu kanneen dhorkaa kaa’ame keessatti hirmataan dhaabbilee qaama seeraan qaban yoo ta’e adabbiin fudhatamu dachaa sadii ta’a.

Labsiin kun kutaalee ja’aafi keeyyatawwan 28 kan qabu yommuu ta’u, qajeelfamoota sadan wixinee labsichaa keessaa qajeelfamni “Kan faale haa kaffalu” jedhu isa tokko. Balfa gogaa maddasaatti calaluu, walitti qabuu, deebisanii hojiirra oolchuu, walnyaatiinsa gara faayidaatti jijjiiruufi kanneen faayidaa hinqabne qixa sirriin dhabamsiisuun qajeelfamoota wixinee labsichaa keessatti tumamaniidha.

Labsiin bulchiinsa balfa gogaa waggoota 18 dura ba’ee hanga ammaatti hojiirra jiru korojoo pilaastikii salphaatti bosbosee biyyootti makamuu danda’uufi dhabuusaa kan ibsu mallattoon osoo itti hingodhamin gabaaf dhiyeessuun kan dhorku yommuu ta’u, labsiin ammaa garuu hojiirra oolmaa korojoo pilaastikii kan dhorkudha.

Haa ta’u malee, wixinee labsii kana dura korojoo pilaastikii alaa gale, omishamee, alaa galuufi omishamuuf adeemsarra ture labsii kanaan adabbii hin dhaqqabsiisu. Hojiirra oolmaa dhorkaa korojoo pilaastikii tajaajila yeroo tokko qofaaf omishaman kana kan to’atuufi tarkaanfii barbaachisu fudhachuuf ittigaafatammaansaa kan Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannawaa ta’uu wixinee labsii kana keessatti eerameera.

Abbaan taayitichaa korojoowwan pilaastikii tajaajila si’a tokkoo qofaaf oolan omishuu, alaa galchuu, fayyadamuufi gabaaf

dhiyeessuu qajeelfamaan murteessuu ni danda’a. Kun kan ta’us tajaajila barbaadame tokkoof omishni korojoo pilaastikii bakka bu’u yoo hinjiraanneefi korojoo pilaastikii sun tajaajila barbaadame qofaaf kan oolu yoo ta’eedha.

Gama kaaniin akka wixinee labsii kanaatti, namni tokko wayita mooraasaa qulqulleessu daangaa qabiyyee mana jireenyaasaati eegalee qabiyyee lafaa meetira 20 gara alaatti jirurraa balfa gogaa qulqulleessuuf dirqama qaba. Bifuma wal fakkaatuun dhaabbilee tajaajilaafi daldalaa daangaa qabiyyeesaaniirraa meetira 50 gara alaatti jirurraa balfa gogaa qulqulleessuuf dirqama qabu.

Wixineen labsii kun akka qophaa’uuf tumsi Ministira Muummee Doktor Abiyi Ahmad olaanaa ta’uun shakkiin hinjiru. Doktor Abiyi kana dura Misooma Koriidarii Magaalaa Finfinnee marsaa 2ffaa wayita gamaaggamanitti faalama naannawaaf shooraa guddaa kan qabu omishni pilaastikaa alarraa gara biyyaatti akka hin galle eeranii turan. Finfinneetti manneeniifi ‘barandaa’ pilaastikaarra hojjetamerra dhorkaan akka kaa’amu ibsuun ni yaadatama.

Qulqullinni naannawaa hawwatummaa magaalaa yookiin naannawa tokko dabaluu osoo hin taane dhimma jiraachuufi jiraachuu dhiisuun walqabata. Dhibeewwan akka koleeraa, garaakaasaa, tiraakoomaafi kanneen biroon dhibee balaafamoo bala gogaan wal qabatanidha. Dhibeewwan kunneen Afrikaa dabalatee biyyoota guddinarraa jiran keessatti badii lubbuuf ka’umsa guddaa ta’aniiru. Akka Itoophiyaattis gaaga’ama dhibeewwan kunneen dhaqqabsiisan akka salphaatti kan ilaalamu miti.

Dhibeewwan kunneen qulqullina naannawaarratti hojii hubannoo uumuufi qajeelfamoota garaagaraan salphaatti kan ittisuun danda’amudha malee dhibeewwan uumamaa ittisuun humnaa ol ta’an miti. Gama kanaan eegumsaafi kunuunsi naannawaaf taasisamuu cimaa kan itti fufu taanaan gaaga’ama balfa gogaa kanneen akka rakkoo pilaastikaafi dhibeewwan daddarboo maqsuun salphaadha.

Sirni bulchiinsa balfa gogaa ammayyeessuu baannaan gaaga’amni roga maraa inni uumu daran olaanaadha. Balfi gogaan gaaga’ama qofa osoo hin taane utubaa dinagdee ta’uunsaas hubatamuu qaba.

Balfi gogaan xaa’oo uumamaa/ kompostii, madda anniisaafi omisha meeshaalee garaagaraaf kan ooludha.

Qo’annoon bara darbe Yuunivarsiitii Finfinneetiin adeemsifame akka mul’isutti, tokko tokkoon manneen jireenyaa magaalaa Finfinnee keessaa guyyaa guyyaan balfa gogaa kiiloogiraama 0.67 kan ba’u yommuu ta’u, ALA’tti bara 2030tti manneen jireenyaa magaalaa Finfinnee waliigalaa guyyaatti balfa gogaa toonii 3,569 kan maddisiisan ta’u.

Finfinneen bakka kuufama balfa gogaa/ landfill “Qoshee” jedhamu tokko qofa kan qabdu yoo ta’u, kana dura balfi gogaan akka malee walirra tuulamuun jige lubbuu lammilee hedduu galaafachuun ni yaadatama. Haa ta’u malee, Ejensiin Bulchiinsa Qulqullina Magaalaa Finfinnee balaan walfakkaatu akka hinuumamneef daagaa hojjechuun dabalata biqiltoota garaagaraa dhaabuun kunuunsa barbaachisu taasisaa jira.

Rakkoo balfa gogaa carraatti jijjiiruuf sochii taasifameen yeroo ammaa waldaan 103 ol ta’an balfa gogaarraa xaa’oo uumamaa/kompostii qopheessuun inisheetiivii qonna magaalaa mikeessuu keessatti shooraa guddaa taphataa jiru. Kana maleess, giddu galli Raphii balfa gogaa gara anniisaatti jijjiiruun keessatti shooraa olaanaa gumaachaa jira. Giddu galli kun Afrikaarraa isa jalqabaa yommuu ta’u, dandeettii guyyaatti balfa toonii 25 ol gubuun anniisaa elektiriikii meeggaa waatii shanii ol maddisiisu qaba. Hanga Raphii guddaa ta’uu baatanis waldaaleen garagaraa balfa gogaa gara anniisaatti jijjiiran jiru. Akkuma balfi gogaan balaa qabu namoota hedduufis walitti qabuu hanga dhabamsiisuutti carraa hojii bal’aa uumeera.

Kana dura balfi gogaan bakkuma fedhetti gatamuun gaaga’ama dinagdeefi hawaasummaa hamaa uumaa ture ammaan tana luugama jabaa godhateera. Biyyootni akka Jaappaaniifi Ruwaandaafaa qabiinsa balaan biyyoota addunyaarratti fakkeenya gaarii ta’aniidha. Itoophiyaanis muuxannoo biyyoota kunneenii waraabuun Misooma Koriidarii dabalatee gama qulqullinaatiin jijjiirama abdachiisaa keessa seenteerti.

Mataduree, “Qe’ee keenya balfarraa, ilaalcha keenya jibbaafi haaloorraa haa qulqulleessinu” jedhuun sagantaan qulqullina magaalotaa biyyattii kan

anga’oota olaanoon biyyattii irratti hirmaatan ganna darbe bal’inaan adeemsifameera. Magaalaa baadiyyaatti qulqullinaafi miidhagina naannawaatiif shooraa guddaa kan qabu Sagantaan Misooma Kooridaraa xiyyeeffannaa addaan finiinaa jira. Hojii qulqullina naannawaafi qabiinsa balfa gogaarratti hubannoo bal’aa uumameen hirmaannaan hawaasaa daran dabalaa jira.

Qabiinsaafi bulchiinsa balfa gogaarratti hojii hubannoo uumuun cinatti golga seeraa akka qabaatuuf labsiifi qajeelfamootni adda addaa hojiirra oolaa turaniiru. Wanti kan tibbanaa adda taasisu dhorkaa omishaafi fayyadama korojoo pilaastikaa tajaajila si’a tokkoo qofaaf oolurra kaa’amedha. Dhorkaa walfakkaatu dursitee kan hojiirra oolchitee Ruwaandaadha.

Ruwaandaatti korojoo pilaastikiirraa hojjetame erga gabaa keessaa ba’ee waggootni lakkaa’amaniiru. Pilaastikni waan bosbosee biyyootti dabalamuu hindandeenyeef nageenya naannawaaf balaadha. Wayita gubamus keemikaala qilleensa naannawaa faaluufi fayyaa dhala namaaf yaadessaa ta’e gadlakkisa.

Biyyoota guddatanitti faalamni meeshaalee pilaastikaarraa hojjetamuun dhaqqabaa jiru sadarkaa yaadessaarra jiraatus guddina teknolojiitti fayyadamuun rakkoo dhaqqabuu malu maqsuurratti argamu. Balfa pilaastikiin garbootniifi galaanotni addunya faalamuun jireenyi lubbu qabeeyyii garbootaafi galaanota keessa jiraatanii gaaga’ama guddaa keessa seenee jira. Pilaastikni dafee waan hinbulloofneef lubbu qabeeyyiin tasa omishaalee pilaastikii sooratan carraan lubbuun jiraachuusaanii dhiphaadha, yoo jiraatanis gaaga’ama fayyaatiif kan saaxilamanidha.

Kanarraa, ka’uun biyyootni akka Jaappaanfaa kanneen jireenyiifi dinagdeensaani lubbu qabeeyyii garbootaafi galaanota keessa jiraatanirratti hundaa’e omisha meeshaalee pilaastikaarratti qoqqobbii guddaa ka’uuf dirqamaniiru. Maallaqa guddaa dhangalaasuun hojii garbootaafi galaanota qulqulleessuus bifa duulaatiin raawwataa jiru. Dhaabbileen mitmootummaa hedduunis damee kanarratti bobba’uun gaaga’ama mudataa jiru maqsuu keessatti gahee leencaa taphachaa jiru.

AADAIFI AARTII

Artisti Sittiinaa Abbaaduulaa: Weelluushii 'Burtukaanii mitii hadha'aadhaa' hanga baandiiwwan guguddoo Gadaafi Bilisummaatti

Waasihun Takileetiin

Akkam nagumaa fayyumaa; hiriyaa hinqabuu qofumaa; dhuftee yoo nalaalte sigaarumaa jedhe jennaan Artistii gameessi Xilaahun Gassasaa. Gaazexaan Bariisaas manaabaan fagaatee Gibee qaxxaamurtee qalbiishii gara Shanana Gibee, walakkaa Jimmaatti ceessiftee artistii qaali dukkana keessa ifa aartiifi muuziqaa Oromoo dhoostee baaste tokko iyyaafannaaf deemteetti.

Gibee ce'anii wayita fuula ofii gara Shanana Gibee Jimmaatti kaasan walleen qalbi nama nyaatu yaadannoo durii namatti kaasu yoo jiraate "Burtukaanii mitii hadha'aadhaa kun jaalala mitii maraachaadha" kan jedhuudha.

Burtukaanii mitii hadha'aadhaa, Gurraalee, Ushururuu, Oromiyaa bareedduu, Sinwaama yaaboonaa, Yaaji'aa naaf bahii, Dammashoolee, bara dukkanaa keessa wallee weellifame yoo ta'u, walleeshii Ushururuu Abdii Mahaammad (Abdii Qopheen walaleeffamee Artistii gameettii sagaleen kiilolee kan dacheen Oromiyaa Shanana Gibeen biqilchite, Sittiinaa Abbaaduulaatiin miidhagee weellifamee simboo ganamaa aartii Jimmaaf ibsaa ta'ee tajaajlaa jira.

Jimmi aartii muuziqaan qofa miti ogummaawwan bobboca meeshaalee mana keessaa kanneen akka barcumaa, siree, misooma bunaafi jimaadhaan kan badhaateedha. Bu'uuruma kanaan guddina aartii Oromoofis artistoota qaali ga'umsa muuziqaan sagaleensaani qoraafame hanga har'aa dhalootaaf galaa ta'an arjoomuu keessatti maqaa qabdi.

Jimmaaf hedduun weellisaniiru. Kanneen akka Artisti Xilaahun Gassasaa, Haacaaluu Hundeessaa, Mohaammadsaanii Zubeer (Abbaagiddii) Muktaar Usmaan, Sittiinaa Abbaaduulaa fi obboleettiishii Nafiisaafaa Abdulaakiim maqaa dhahuun ni danda'ama.

Barreeffama keenya kana keessatti gaafdeebii gabaabaa Artistii qaaliin tun bara Afaan Oromoon dubbachuun akka yakkaatti ilaalamaa ture yeroo dukkanaa sana keessa sirba Burtukaanii mitii hadha'aadha jedhu gurra ummataatiin ga'uun Oromoo mataa olqabachiisaa turte.

Artisti Sittiinaan Godina Jimmaa, Aanaa Limmuu Kossaa, Magaalaa Limmuu Gannat, Ganda 04 keessatti dhalatee guddatte. Fedhiifi kenna muuziqa keessashii buleen umriishii ganna sagal hincaalleen Hawwisoo Godina Jimmaa keessatti qooda fudhachuun muuziqa Oromoo ol kaasuu kan jalqabde yoo ta'u, fedhiifi ogummaanshii walsimachuurraa kan ka'e artistii dukkana keessa iftedha jechuun danda'ama.

Ga'umsi muuziqaashii dachaan dabalaa dhufuurraa kan ka'e Artisti Sittiinaan duubarra Orkeestiraa Poolisii Jimmaa keessattis adda durummaan qooda fudhachuun imala muuziqaashii olkaasuu ittifuftteetti.

Warraaqsi dhohee Dargiin kufee Orkeestiraan Poolisii Jimmaa waan bittinnaa'eef fuulashii gara magaalaa guddoo Oromiyaa, Finfinneetti naanneffatee carraa obboleeyyanshii goleeqwan Oromiyaa kaanirraa babahan waliin walarguuf carroomte.

Baandiin muuziqa Oromoo wayita sana maqaa qabu Baandii Gadaa yoo ta'u, Artisti



Sittiinaaf balbala banuun nooruu jedhee ishee simateera.

Baandicha keessatti Artistoota qaali kanneen akka Adam Haruun, Raayyaa Abbaamaccaa, Abbabaa Abbashuu, Daawwit Mokonn, Muktaar Usmaan, Hayiluu Kitaabaa, Mohaammad Sheekaa, Yoseef Gammachuu, Qurqunjii Simbiifi kanneen biroo waliin hojjechuuf carraa argatteetti.

Baandii Gadaa Bilisummaa Ilfinash Qannoo, Fitaaber Guddinaa, Eebbisaa Addunyaa fi Usmaayyoo Muusaafaa waliinis hojjechuun sirba aadaa Jimmaa gadtumee oltumee, Gondaa, Washiifi kanneen biroo weellisuu Artistii seenaa addaa hojjettedha.

Artistoota warraaqsa indastirii muuziqa Oromoo ammayyeessuun aartii Oromoo cimsuuf baandii Maccaafi Tuulamaa hundeessan keessaa Sittiinaan ishee tokko.

Artisti Sittiinaan Albamii muuziqa tokko kan qabdu yoo ta'u, caalaatti weelluushii "Burtukaanii mitii hadha'aadha kun jaalala mitii maraachaadha" jedhuun ofis Jimmas beeksisteetti.

Milkaa'ina Artisti Sittiinaaf fedhii muuziqa qabachuun ishee isa ijoo yoo ta'u, walaloo gurratti mi'aawuun jechoota qaaliin kukkuulee Afaan Oromoofis Sumaaliffaan ichimee kan kenneef Artisti Abdii Qopheedha.

Artisti Sittiinaan ammaan tana hojii muuziqa keessaa baatee hiyyumaan wal'aansoo walqabaa jiruufi jireenyashii gaggeessaa jirti. Sittiinaan haadha ilmaan sadii (dhiira lamaafi durba tokkoo)ti.

Kaleessa dheengadda bara dukkanaa keessa qabsaa'ota osoo lubbuusaaniif hinwaakkatiin aartiin qabsoo siyaasa Oromoo humneessaa utubaa turan keessaa Sittiinaan ishee tokko.

Artistoonni ishee waliin turan hedduun wareegama qaali hanga aarsaa lubbuu kanfaluun seenaa addaa hojjetan kanneen akka Artisti Eebbisaa Addunyaa, Usmaayyoo Muusaa, Yoseef Gammachuufaa maqaa

fayyadamuun ogummaa miidhagaafi hindulloomne dhalootaaf olkeesse tun har'a jireenya gadadoo keessa jirti.

Akkuma, "Loomii shantamni nama tokkoof ba'aadha, namoota shantamaaf faaya" jedhamu Oromoon hojiishii darbetti quufinsa qabu waanuma qaburraa osoo hiixateefii ishee humneessuu danda'a.

Artistoonni keenya hedduun hojii miidhaga hojjetanii Oromoofis Oromummaa olkaasani ofii rakkatanii nama isaan gaafatu dhabaniiru. Kanneen keessaa Artisti Sittiinaan ishee tokko yoo taatu, ammaan tana fuulashii aartiirraa garagalchitee jiruufi jireenyashiin wal'aansoo qabaa jirti.

Bara Oromummaan yakka turetti wallee jaalalaafi warraaqsa weellisuu hojiin hojjetee seenaabeessa ta'us, har'a dinagdeedhaan duubatti haftee harka lammiishii ilaaluun hunda quuqu qaba.

Hojii aartii Sittiinaan hojjetee dhalootaaf olkeesse ummata Oromoo kan boonsu; sanuu hojii dukkana keessa calaqqisee olbahe waan ta'eef Bulchiinsi Magaalaa Jimmaa bakka mana jireenyaa isheefi obboleettiishii, Artisti Nafiisaaf arjoomera.

Tarkaanfiin karaa Bulchiinsa Magaalaa Jimmaa Artisti Sittiinaafi Nafiisaa humneessuu fudhatame kan jajjabeffamu yoo ta'u, lafti qofti mana hinta'uutii lammiileen faana dhaabachuun murteessaadha.

Turtii Gaazexaa Bariisaa waliin taasteen rakkinan keessa jiru caalaa kan nagammachiisu hojii boonsaa Oromookoof olkaahuukooti kan jette Artisti Sittiinaan, Rabbi lafa mana jireenyaa naa kennisiiseeraa maallaqa ittiin ijaaramus innuu niqopheessa jechuun ceerti.

Abdiin isheen Oromoorraa qabdu ammas olaanaa yoo ta'u, isheen aartii keenya ijaarteetti nutimmoo mana jireenyaashii ijaaruufti waliin dhaabachuun barbaachisaadha.

Aartiin Oromoofis Oromummaa cimsuu warraaqsa siyaas dinagdeefi hawaasummaan Oromoo jajjabeessuu keessatti shoora olaanaa kan taphatu yoo ta'u, faayidaan muuziqaarraa argamu quufsaadha jechuun hindanda'amu.

Har'as artistoonni keenya bu'aa dhamaatiisaanii argachuu caalaa hamilee ummataa jiraachaa kan jiran yoo ta'u, aadaan waliin dhaabatanii walhumneessuu ammallee dhimma xiyyeeffannoo argachuu qabuudha.

Kaleessi dukkana ture. Muuziqa Oromoo sirbuu miti Afaan Oromoonuu dubbachuun yakka ta'ee wayita ilaalamutti kaan gadi bahee hojjetee wareegama qaali kaffaleera, kaan hidhamee hiraarfameera, har'a garuu yeroon akkasii sun darbeera.

Afaan ofiin weellisani aartii ofii guddisuun ifatti gaggeeffamaa jiraachuun carraa gaariidha. Artistoonni keenya dirqama itti gaafatamummaa aartii muuziqa Oromoo guddisuu haalaan bahachuu qabu jetti Artisti Sittiinaan.

Artistoonni keenya guddina aartii muuziqa Oromoo olkaasuu keessatti shoora olaanaa kan taphatan yoo ta'u, dinagdeen kufanii arguu caalaa wanti nama gaddisiisu hinjiru.

Walumaagalatti dhimmi aartii Oromoofis artistoota keenya dinagdeen humneessuu harka keenya keessa waan jiruuf waliin dhaabannee waljabeessuun Oromoofis Oromummaa guddisuun murteessaadha.



dhahuun nidanda'ama.

Artistoonni kunniin seenaa jiraataa bara baraan dhalootaan dhaggeeffatamaa galaa ta'ee tajaajilu olkaa'anii kan darban yoo ta'u, Oromiyaan fakkaattotasaanii kumaatamas akka horattuuf bu'uura buusaniiru.

Artistoonni Oromoo hedduu qabsoo warraaqsa siyaasaa Oromoo humneessuu keessatti shoora olaanaa kan taphatan ta'us faayidaasaaniirra Oromummaaf hojii guddaa hojjetaniiru; hojjetas jiru. Gama fayyadamummaa dinagdeen yoo ilaalle garuu ammam hojii muuziqa boonsaa ta'e hojjetanis bu'aan achirraa argamu hamilee ummataa yoo ta'een ala kana kanadha jedhamu miti.

Akka fakkeenyaatti Artisti Sittiinaan bara dukkanaa sana keessa wallee, "Burtukaanii mitii hadha'aadha" jedhu weellistee albamashii tokkorraa qarshii kuma tokko hincaalle argachuu himtee, maallaqicharra fedhii ogummichaaf qabduufi hamileen ummatarraa argattu daran akka ishee quubsu dubbatti.

Barri dukkanaa sun darbee har'a Artisti Sittiinaan ofii dhokatee yeroo hojiinshii qofti miidiyaarraa dhaga'amu yaadatamti. Sittiinaan Magaalaa Jimmaa mana gandaa keessa jiraatti. Qaxaleen umrii sabiyyummaa hanga dargaggummaa waakkii malee

Abbaa Sa'aa

Harargee Bahaa: Godina fakkeenya kenna tajaajila tola ooltummaatiin pirojektota hedduu raawwachuu

Bayyanaa Ibraahimiin

Harargeen Bahaa godinaalee Oromiyaan qabdu keessaa tokko yoo ta'u, maqaa kanas kutaa biyyaa dur Harargee jedhamurraa akka fudhatetu himama.

Harargeen bahaa kibba-dhihaan Laga Shaabaleefi Bodina Baaleetiin, dhihaan Harargee Lixaan, kaabaan Dirre Dhawaafi kaabaafi bahaan immoo Naannoo Sumaaleetiin daangeffamee argama. Naannoo Hararii immoo guutummaatti kallattiilee hundaanuu godinichaan kan marfameedha.

Godinni kun omishaawwan akka Jimaafi Bunaatiin kan beekamu yoo ta'u, waggoota jijjiiramaa kana keessattuu haala kanaan dura hinbaramneen gara omisha midhaan akka qamadiifi xaafitti ce'ee jira. Keessattuu bunnii godina kanatti baay'inaan omishamuu baatus gatii qaaliitti gurguramuudhaan kan akka biyyaatti dorgomaa hinqabneedha.

Haaluma walfakkaatuun jimaan Itoophiyaan alatti erguudhaan sharafa alaa olaanaa irraa argattus jimaa Harargeetti omishame qofarraayyi.

Aanaaleen Baabbilee, Midhagaa Tolaa, Dadar, Konbolchaa, Fadis, Mayyuu Mulluqe, Gurawaa, Baddannoo, Jaarsoo, Cinaaqsan, Gooroo Guutuu, Meettaa, Gooroo Muxii, Gola Odaa, Qarsaa, Malkaa bal'oo, Kurfaa Callee, Qumbiifi Gursum godinichatti argamu.

Akka ragaan tajaajila Istaatistiksi Itoophiyaa kan bara 2005 ibsutti, godinni kun baay'ina ummataa 2,555,635, yoo qabaatu; kana keessaa miliyoonni 1,298,104 dhiira yoo ta'an, 1,257,531 immoo dubartoota.

Waggoota jijjiiramaa kanneen keessatti hojiiwwan bu'uraalee hawaasaa murteessoo ta'anirratti xiyyeeffatamee hojjatamaa kan jiru yemmuu ta'u, raawwiin pirojektotaas bifa nama abdachiisuun karoora ol raawwatamaa jiraachuu ittigaafatamaan Waajjira Faayinaansii Godina Harargee Bahaa, Obbo Musxafaa Jamaal nidubbatu.

Akka ibsasaaniitti; bara 2017 hanga ji'a Bitootessa 30tti pirojektota 319 hojjatamanii xumuruudhaan tajaajilaaf banaa ni taasifamu jedhamee abdatama. Pirojektotni kan baranaa qofa otoo hintaane buleeyyiis kan dabalatuudha.

Haala hojii pirojektotaa kanaan dura akka biyyaatti baratamaa ta'e keessaa bahuudhaan kallattii ijaarsa pirojektotaarratti akka godinichaatti jijjiiramni guddaan mul'achaa kan jiru yemmuu ta'u, kunis kanaan dura hojiiwwan pirojektii raawwataman hundi bajata mootummaa qofarratti kan rarra'an turan. Yeroo ammaa kanatti garuu ijaarsi pirojektotaa baasiifi bajata dhaabbileefi namoota dhuunfaatiin bocamanii hirmaannaa ummata bal'aatiin dabaalamani raawwataman babal'achaa jiru.

Haalli kun baasii mootummaan pirojektotaaf ramadu hir'isuuf kan gargaaru qofa osoo hintaane, pirojektotni hedduu hirmaannaa dhaabbileefi namoota dhuunfaa akkasumas



Hojiilee misoomaa tajaajila lammummaatiin Godina Harargee Bahaatti hojjetaman keessaa

hirmaannaa hawaasa bal'aatiin ijaaramaa jiraachuu miira jaalala biyyaas kan dabaluuudha.

Hojiiwwan babal'ina bu'uraalee misoomaafi pirojektotni gara garaa iddoowwan adda addaatti diriiraa jiranitti hirmaannaan hawaasaa cimaa dhufuun miira abbummaafi pirojektota ijaaraman kanneeniifis tajaajila yaadamanii akka oolaniif eegumsa abbummaa akka taasisuuf carraa kan uumuudha.

Hirmaannaan hawaasni bal'aan ijaarsa pirojektota bu'uraalee misoomaarratti agarsiisaa jiru gama maallaqaafi humna qabu gumaachuu qofaan osoo hintaane, waldaalee IMX ijoollee qonnaan bulaa barnoota xumuranii carraa hojii hinargataniin hojiiwwan pirojektii kunniin akka hojjataman taasifamuun hawaasni kallattiidhaan hojii ijaarsa bu'uraalee misoomaa keessatti kallattiidhaan akka hirmaatuufi irraa fayyadamus taasifamaa jira.

Pirojektotni ijoolleen qonnaan bulaa waldaadhaan gurmooftee ijaarsasaa keessatti hirmaatteefi abbootnisaanii maallaqaafi humna qaban qindeessanii akka gumaachan ittitaasifame kana akka kan dhuunfaasaniitti waan ilaalaniif eeggumsaafi kunuunsa barbaachisu taasisuudhaan pirojektotni ijaaraman yeroo qabameefiin olitti tajaajila dheeraa hawaasichaaf akka kennaniif carraa kan uumuudha.

Pirojektota barana ijaarree ni xumura jennee qabanne 319 kanaan ummanni godinichaa miliyoona 2.1 ta'u ni fayyadama jedhamee kan eegamu yoo ta'u, pirojektota kanneen keessaa guguddoon kanneen akka; daandii cirrachaa, keellaawwan fayyaa, madda bishaan dhugaatiifi babal'ina manneen barnootaa maqaa dhahuun ni danda'ama.

Bifa waliigalaatiin yemmuu ilaallamu biyyuma kamittuu hojiiileen misoomaa mootummaa qofaadhaan hojjatamanii hiyyummaafi boodatti hafummaa keessaa baasan akka hinjirre hubachuudhaan, yeroo ammaa hirmaannaan hawaasni godinichaa

bifa tola ooltummaafi kanneen birootiin hojiiwwan ijaarsa pirojektota keessatti taasisaa jiru godinaalee birootiifis kan fakkeenya guddaa ta'uu danda'uudha.

Sochiin hirmaannaa ummataa hojiilee misoomaa keessatti gabbisuu kun baroota jijjiiramaa keessattuu erga labisiin tola ooltummaa Caffee Oromiyaatiin ragga'ee as cimaa kan dhufe ta'us, keessattuu kan bara darbee qofa yoo ilaalle kanneen hanga bara darbeetti ture dachaa hedduun kan caalu ta'ee argameera.

Kun immoo miirri tola ooltummaafi aadaan walgargaarsaa dhalootarraa dhalootatti darbe hawaasa kana keessa jiraatus, kallattiin mootummaan hirmaannaa lammiiilee hojiiwwan misoomaa keessatti cimsuuf baafates bu'aa buusaa jiraachuu kan agarsiisuudha.

Hubannoon hawaasni misooma naannawasaa irratti qabus bakka kaleessaa hinjiru. Sochii mootummaan hojiiwwan bu'uraalee misoomaa babal'isuudhaaf taasisu hunda miira "Na ilaallata, pirojektotni kun gaafa ijaaramee xumurame kan ittifayyadamu anaafi maatii kooti" jedhuun osoo affeerraa mootummaas ta'ee qaama biraa hineegganne hawaasni dhufee fedhiisaatiin keessatti hirmaachaa yeroo itti jirurra gahuun daran kan nama boonsuudha.

Dhugaa dubbachuuf haala amma keessa jirruun Godina Harargee Bahaatti osoo mootummaanuu karoorse hojiilee bu'ura misoomaa gara garaa hojjachuu dhaabeeyyuu hawaasni mataasaatiin walgurmeessee qabeenyaafi beekumsa qabu walitti buusuudhaan sadarkaa ofiisaatiin pirojektota hojjachiisee xumursiisuurra gaheera jechuun ni danda'ama.

Pirojektota barana hojjatamaniif sadarkaa aanaaleefi bulchiinsa magaalotaatti qarshiin ramadame biliyoona 1.1 yemmuu ta'u, kana keessaa bajata mana qopheessaatiin qarshii miliyoona 533 kan hafe bajata idileetiin kan uwwifamaniidha.

Sadarkaa godinaattis pirojektota bajanni qarshii miliyoona 213 kan qabameef



Obbo Musxafaa Jamaal

yemmuu ta'u, bifa waliigalaatiin akka godinichaatti bara bajataa 2017 pirojektotni qarshii biliyoona 1.5 qabameefi hojirraati kan argamaniidha.

Gama kenna tajaajila lammummaatiin yemmuu ilaalamus bara darbe gama kanaan hirmaannaan hawaasni taasise qarshii biliyoona 15 raawwachuuf kan karoorfame yemmuu ta'u, raawwiinsaa garuu bifa hin yaadamneen biliyoona 30.1 ture.

Bara bajataa kanaafis gama kenna tajaajila lammummaa kanaan raawwachuuf kan karoorfame hojii qarshii biliyoona 30.4tti tilmaamamu yemmuu ta'u, raawwii hanga ji'a kanaatti jiruun qarshii biliyoona 23 irra gahuun danda'ameera.

Sababa kenni tajaajila lammummaa kun akkanatti dagaageefis baadiyyaatti lafa fageenya kiiloometira tokko hingeenye keessatti manneen barnootaa lamaa sadii arguun danda'ameera.

Walumaagalatti; waggoota jijjiiramaa kanneenitti hojiiwwan hawaasa biratti fudhatama argataniifi bu'aansanii qabatamaan mul'achaa jiran keessaa tokko kenna tajaajila lammummaati. Godinaaleen akka Haraargee Bahaafaan kenna tajaajila lammummaatiin hojiilee bu'uraalee misoomaa hedduu raawwachaa jiran jajjabeeffamuufi badhaafamuu qabu.

Waldichi namoota 400 oliif carraa hojii uumeera

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Waldaan Hojii Gamtaa Qalma Horii Sululta namoota 400 oliif carraa hojii kan uume ta'uu beeksise.

Hojigaggeessaan Waldichaa Lubni Taayyee Lataa torbee darbe ibsa Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, waldichi gama hawaasummaafi dinagdeetiin hawaasa naannawaa Sululta fayyadamaa taasisaa jira. Qala'iinsa jireenyaa hir'isuu keessattis shoora guddaa taphachaa jira.

Waldichi miseensota 109 kan qabu ta'uu himanii, yeroo ammaa istaandaardii Addunyaatiin hojii qalmaa raawwachuun Finfinneefi naannawaasheetiif raabsaa jira jedhaniiru. Guyyaatti horii gaafaa 1100 qaluuf humna qaba, foon Kiristaanaafi Musliimaa akkaataa duudhaa amantaalee kunneeniitiin qaluun dhiyeessaa jira. Suuqiiwwan raabsaa mataasaa 42fi dhaabbilee maamiltootaa Yunivarsiitiwwaniifi hoteelota gurguddoo hedduu qaba.

Gara biyyoota Baha Fagootti foon erguuf waldichi mul'ataafi tarsiimoo dandeessisan kaawwatee hojjechaa jira jedhanii, haftee qalmaa akka galteetti fayyadamuun warshaalee sadi jechuunis warshaa nyaata loonii, nyaata lukkuufi warshaa saamunaa dhaabuuf dhagaa bu'uuraa kaa'ee ji'a dhufurraa eegalee ijaarsasaa jalqabuuf haaldureewwan barbaachisan xumuree jira jedhaniiru.



Warshaa dhaabuuf dhagaan bu'uuraa yoommuu kaa'amu

Adeemsa warshaalee dhaabuu kana jalqabuun dura waldichi waggoota lamaaf hojii qorannoo taasisaa kan ture ta'uu himanii, qalmi horii yoommuu raawwatamu dhibbantaan 52 foon qulqulluu nyaatamu yoommuu ta'u dhibbantaan 48mmoo haftee qalmaa (waan baduudha) jedhaniiru.

Warshaa nyaata horiifi nyaata lukkuu jalqabuuf maashina barbaachisu biyya Chaayinaarraa galchuuf waldichi waliigaltee mallatteessee kan jiru ta'uu himanii Ji'a dhufurraa eegalee hojiin ijaarsaa kan jalqabamu ta'uu hojigaggeessaan kun ibsaniiru. Warshichi

hojii yoommuu jalqabu nama 250f carraa hojii uumu danda'as jedhaniiru.

Waldaalee Hojii Gamtaa jajjabeessuuf hojmaanni akka biyyaattis ta'ee akka Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti jiru onnaachiisoodha keessattuu Labsiin Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakkoofsa 218/2011 Waldaaleen Hojii Gamtaa galteewwan isaanif barbaachisu ashuurarraa karaa bilisa ta'een akka galfataniifi lafa karaa liizirraa bilisa ta'een akka argatan kan eyyamu ta'uu yaadachiisaniiru.

Hojmaatni mijatoo ta'an jiraatanis raawwiirratti hudhaalee hedduun

waldaalee hojiigamtaa mudachaa kan jiran ta'uu himanii, keessattuu Ashuurarraa karaa bilisa ta'een meeshaalee akka alaa galfatan eyyamamee osoo jiruu yeroo isaan ashuuraa gaafataman nimul'ata jedhaniiru.

Ittigaafatamtuun Waajjira Babal'ina Waldaa Hojii Gamtaa Magaalaa Shaggar Aadde Wayinisheet Gizaawu gamasaaniitiin akka jedhanitti, Waldaaleen Hojii Gamtaa qixa sirriin yoo hoogganaman bu'aan isaan biyyaaf buusan olaanaa waan ta'eef, kana yaada keessa galchuun bu'a qabeessummaasaaniitiif hojmaattonni dandeessisan bocamanii hojiirra oolaa jiru jedhaniiru.

Qarreefi Qeerroo

Amanaa Tafarii: Dargaggoo kennaa walaloo barreessuun badhaadhe

Natsaannat Taaddasaatiin

Waloo Amanaa Tafarii Godina Qellem Wallaggaa, Aanaa Anfilloo, Ganda Suddiitti dhalate. Mana barnootaa sadarkaa 1ffaa kutaa 1ffaa hanga 7ffaatti Mana Barnootaa Suddii sadarkaa tokkoffaatti barate. Kutaa 8ffaa Mana Barnootaa Adiventistiitti Magaalaa Dambi Dollootti argamutti barate.

Kutaa 9ffaa hanga 12ffaatti ammoo Mana Barnootaa Qellem sadarkaa 2ffaa kan Magaalaa Dambi Dollootti argamutti barate. Bara 2014 kutaa 12ffaa xumuruufi yeroo ammaa Finfinnee, Mana Barumsaa Akkaadaamii Aaktiingii Abbaa Lataa (Abbaa Lataa Acting Academy)tti barachaa jira. Akkasumas Kollejii Kompuutaraa "Akmonlink" jedhamu kan Laga Xaafuutti argamuttis barachaa jira.

Waloon kun gaafdeebii kaleessa Gaazexaa Bariisaa waliin taasiseen akka jedhutti, walaloo walaleessu kan jalqabe dur yeroo gumii miidiyaa keessa hojjechaa tureedha. Gumicha keessa yeroo ture irra jireessaan walaloowwan namoota birootiin barreeffaman dubbisaa ture.

Boodarra ofisaatiis walaloo barreessuufi dubbisuu jalqabe. Ogummaa kana guddifachaa deemuun yeroo ammaa walaloowwan gara garaa barreessee karaa miidiyaa hawaasummaa barreeffamaafi suursagaleedhaan gurra ummataatiin gahaa jiraachuufi duubdeebiin hordoftootaafi dinqisiifattootasaa biraa isa gahaa jiru caalaatti kan isa kakaasu ta'uu dubbata.


Qabiyyeen walaloo koo irrajireessaan jiruufi jireenya hawaasaa kan giddugaleeffateedha kan jedhu walaleessaan kun, yeroo gammachuutti walaloo gammachuu, yeroo gaddaatti walaloo gaddaa yeroo tokko tokko ammoo walaloo jaalalaa barreessaa jiraachuu dubbata.

Akka waloon kun jedhutti, addunyaan artii keessumaa walaloo barreessuun ayyaana barbaada. Walaloo barreessuun sa'aatii itti barreessuuf qophaa'anitti utuu hintaane sa'aatii itti waanti ati barreessitu keessa kee dhufutu jira. Walaloon walaleessu baay'eensaa haala jiruufi jireenya ummanni keessa jiru ibsuurratti xiyyeeffata. Yeroon suuraa na hawwatu tokko ilaalee walaloo suuraa sana waliin deemu barreessu jira.

Walaloon waan dhama qabuufi jechoota filatamoon barreeffamuuf akkasumas barreeffama gabaabaan ergaa bal'aa waan dabarsuuf barreeffamoota biroorraa adda kan jedhu walaleessaan kun, walaloon haala gurraafi qalbii namaa hawwatuun ergaa dabarsa. Walaloon yaada bal'aa barreeffama gabaabaan cuunfanii ibsuuf gargaara. Walaloon jechoota filataniin barreessuun waan gaafatuuf ittiyaadaniin barreessuun kan barbaadu ta'uu dubbata.

Kitaaba kuusaa walaloo mataduree 'Barruu' jedhu dhiyeenyatti eebbisiisuuf qophiirra jiraachuu kan himu Dargaggoo Amanaan, qabiyyeen kitaabichaa jiruufi jireenya hawaasaa giddugaleessa kan godhate ta'uufi kitaabichi fuulawwan 130 kan qabuufi qarshii 250n gabaarra kan oolu ta'uu himeera.

Oromoon Waaqayyo jiruufi jireenya namaa barruurratti barreesse jedhee amana. Sararoonni barruu harka namaarra jiran hundi waan raagan qabu. Namoonni barruu



harka namaa ilaalanii fuuldura jireenya nama sanaa raaganis jiru. Addunyaan amma keessa jirru keessattis ashaaraa ta'ee tajaajilaa kan jiru barruudha. Anis kanarraa ka'uudhaanan mataduree kitaaba koo 'Barruu' jedhee moggaase jedha.

Ani walaloo miira keessa koo ittiin ibsachuufan barreessa. Miirri nakeessa jiru namoota baay'ee keessas waan jiruuf walaloon barreessu namoota baay'ee biratti jaalata. Namoonni ogbarruu walaloo keessa jiranis walaloofi ergaa walaloo koo daran ajaa'ibsiifatu. Ani walaloo akkuma salphaatti barreessuuf duubdeebii namoonni naa kennan ogummaa kana akkan guddifadhuuf na gargaareera jedha.

Gara fuulduraatti kitaabota kuusaa walaloo dabalataan barreessuuf karooran qaba kan jedhu Walaleessaa Amanaan, duubdeebiin namootarraa argachaa jiru hojii caalu akkan hojjechuuf kaka'umsa naa ta'eera. Ummanni Oromoo kitaaba ani mataduree 'Barruu' jedhuun barreessee eebbaaf qopheesse bitatee dubbisuun duubdeebii naa kennaa na cina dhaabatun dhaammadha jedheera.

Walaloowwan barreesse keessaas kanneen armaan gadii dubbistootaaf qoodeera.

Ijibbaadhu!

Harka kennuun sin baasu!
sodaadhaan garaa hirtee,
Wal'aansoo qabuu malee,
dhibaa'ummaakee cirtee,
Jabaattee deemu malee,
of keessaa baaftee naasuu,
Yeroo kaachuu qabduuti,
abdiin muruun sin baasuu!

Gufuu dura isaa jiru abbaamatu kaafata,
Jiruu dachee kanatu aarsaa nama gaafata!

Kanaafuu;

Hamma humna kee carraaqqadhu,
Waanjoo hinbaatiin warraaqqadhu!
Rakkoo kamuu of jabeessaa keessa lufii,
Adeemsa kee amna dheeraa ittifufii!



Waloo Amanaa Tafarii

Ilaa;

Tasan laafiin mogoleen kee jajjabaadhu,
Sarara kee sirnaan eegii cimii kaadhu,
Jecha hamaaf deebiin laatin obsii baadhu,
Rakkoo rakkifteetu mootaa ijibbaadhu!

Qubeelaa koo

Hiree ta'ee nuuf qoodamee,
har'a kunoo yoo wal dhabnu,
Akkam gootee natti himi!
waadaa jabaa waliin qabnu.

Si jechuutu anaam beeki!
ormaaf tokko nuti lachuu,
Gaaffii wayiin si gaafadha?
naaf deebisii mee afachu,

Shira meeqa bukeessitee,
haqa kootti daangaa ceetee,
Jaalala koo summeessitee,
adeemtuuyuu karaa feete,

Filanoo kee siin kabaja,
beenya qabdu siif lakkaa'ee,
Qubeelaa koo naaf deebisi,

kanin dhiigaan sirra kaa'e.

Ilaamee jaalallee koo.....

Kottuu ta'ii na daawwadhu
Simbookeetiin na hawwadhu
Rakkoo kiyyas na gaafadhuu
Dhibeekoofis dawwaa laadhu
Sirra eenyu kan naaf caalu
Murtii dabaaf an sin haalu
Dantaaf jecha orma laalu
Sin eenyuunuu hinmadaalu

Yoon si waames na dhageessa
Birmannaankees na jabeessa
Gaafa rakkoos sittan dheessa
Natti aanteetta hunda keessaa
Har'as kunoo madaan qabaa
Natti uddeelan eelaa jabaa

Nan qaana'ee boquu cabe
Irrree diinaas nan dadhabe
Miidhamakoon sit-dubbaddha
Waxalameen guggubadhaa
An cabeera dugdaaf ceekuu
Sirra eenyu kan naaf beeku?
Falan dhabe nan raata'ee
Nat bitaacha'e nan galtaa'e
Muka rakkoon koree bu'aa
Jira hinjedhu an jiruu du'aa

Ilaamee...

Qabii na deebisi fagaate daandiinkoo
Kan qabun wal'aale yarate abdiinkoo
Jiruuf kalaqameen jiraachuu danqame
Jiraattin dhiitame, mirgakoot yakkame
Ta'us harka hikennu abdiin kiyya sumaa
Atillee naaf turi naaf ta'i hanga dhumaa
Har'allee nan jira imimmaan coccobsaa
Utuuti dhufteemmo gaddakoon sit-obsa

BUNA KOO

Sin araada sin barbaada,
Yoon mukaa'u unuktaa'u,
Sittan lufa fiigeen dhufa,
Sirraa hafee yooman rafe.
Yaada keetu na dhibeetu,
Na rakkisa na harkisa,
Fooliin sirraa akka birraa,
Dhiphuu lola natti tola.

Xumuruuuf

Kan darberra akka wayyuuf,
Madaan qalbii akka fayyuuf,
Nan tirtira numan kaadha,
Daandii kiyyarran jiraadha...
anii;
Gubaa narraa gubee dhaamsaa,
Har'a kiyya godhee aarsaa,
Xumuruuuf jiruu hadhaa,
Kaleessarraan bor bocadha.

Calalliin ajandaa marii biyyaalessaa Oromiyaatti iftaan eegalama

• Komishinichi qaama daandii nagaa filatee mariif dhufu simachuuf qophiidha

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Oromiyaatti waltajjiin calallii ajandaa marii biyyaalessaa Mudde 7-15 bara 2017tti akka adeemsifamu Komishiniin Marii Biyyaalessaa beeksise. Qaama daandii nagaa filatee mariif dhufu kamuu simachuuf balballisaa banaa ta'uus komishinichi ibseera.

Komishinarri Komishinichaa Doktor Yoonaas Adaayee ibsa addatti Kamisa darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin, boqonnaa raawwii komishinichaa hanga ammaatti jiruun naannoo Oromiyaa, Amaaraafi Tigraay osoo hindabalatin calalliin ajandaa marii biyyaalessaa naannolee sagaliifi bulchiinsota magaalaa lamatti goolabameera.

Adeemsa raawwiisaa kana keessatti hirmaannaa qaamolee hawaasaafi qooda fudhattootaa dabalatee hanga ammaatti waliigalaan hirmaattota kuma 105 ol hirmaachisuun marichi hunda hammataafi hirmaachisaa akka ta'uuf komishinichi hojii jajjabeessaa hojjeteeera.

Calalliin ajandaa marii biyyaalessaa naannoo Oromiyaa iftaan akka ittifufu himanii; kanaafis qophiileen barbaachisoon taasifamuu dubbataniiru. Waamichi abbootii Gadaafi haadhoolii Siinqee, qaamolee hawaasaafi qooda fudhattootaa



Komishinar Yoonaas Adaayee (PhD)

taasifameera. Ittaansuudhaan, leenjii hubannoo uumuu haala mijeessitootaafi qaamolee qooda fudhattootaa akkasumas hojiileen loojistikiin walqabatan bal'inaan hojjetamaniiru.

Bakka bu'oota kutaalee hawaasa naannicha keessa jiraatan aanaalee 356 irraa namoota

kuma 7fi 20, qooda fudhattoota kuma 1fi 300, haala mijeessitoota 48, tola ooltota 150fi sadarkaa naannootti dhimma kana milkeessuuf nihirmaatu.

Dabalataanis tumsa abbootii Gadaafi dargaggootni naannichaa hojii komishinchaa milkeessuuf taasisan kana

nama gammachiisu ta'uu eeranii; naannichi bal'inaan ta'e ummaata hedduu waan qabuuf komishinichis akkuma bal'inasaatti xiyyeeffannoo guddaa itti kennuudhaan hojiilee gurguddoo hojjechuudhaan iftaan eegalun gara goolabuutti dhufa jedhaniiru.

Naannolee Amaaraafi Tigraayittis haaluma walfakkaatuun kan gaggeeffamu ta'uu himanii; naannoo Amaaraatti hojiiwwan calallii ajandaa marii biyyaalessaa duraa hojjatamaa jirutu ittifufa jedhan.

Naannoo Tigraayittii haalli jiru yeroo ammaa kana fooyya'aa waan ta'eef komishinichi seenee hojiisaa akka geggeessuuf ifoomeera. waan naannolee biroo keessatti raawwataman hundaa naannichatti akka raawwatu ibsaniiru.

Komishinichi qaama daandii nagaa filatee kamuu gammachuudhaan simachuuf qophiidha jedhanii; komishinichi guyyaa hojiinsaa eegalerraa jalqabee qaamolee hidhatanii bosona seenanii Oromiyaa keessa socho'aa turaniif gara marii biyyaalessaatti akka dhufaniif irradeddeebbiin waamicha dhiyeessaa tureera.

Qaamolee daandii nagaa filachuun mootummaa waliin waliif mallatteessan ilaalchisuun komishinichi dubbii dubbataniin tarkaanfichi kan isaan gamamchiise ta'uu ibsaniiru.

“Namni dubartiif kabaja hinkennine akka ajaja...”

gudeeduufi barmaatilee boodatti hafoo irratti raawwachuun kan mul'atu bal'inaan biyyoota hinguddannetti.

Rakkoon kun kan addunyaa yoo ta'u, ardiwwan akka Afrikaatti ammoo daran bal'aadha. Itoophiyaattis miidhaan dubartootarra ga'u hammaachaa dhufuu taateewwan addaddaa raawwatamanii ajandaa miidiyaalee ta'an yaadachuun ga'aadha. Taateewwan naannolee biyyattiitti mudatanis yeroo baay'ee kan raawwataman namoota dhihoo jedhamaniifi humna ni qabu jedhamaniin ta'uunsaa ammoo rakkiniicha ittuu ulfaataa taasiseera.

Oromiyaattis dubartootaafi daa'mmanirratti miidhaan bifasaa jijjiirrate, haala safuu hawaasaa cabseen raawwatamaa jiraachuu Hoggantuun Biiroo Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii Oromiyaa Aadde Mabraat Baacaa ibsanii, miidhaan kunis sosochiidhaan qofa kan hiikamu akka hintaaneefi hunderraa hiikuuf hunduu tumsuu akka qabu waamicha dhiheessaniiru.

Keessumaa abbootiin Gadaa, abbootiin amantiin, jaarsoliin biyyaafi qaamoleen hawaasaa hundi ittigaafatamasaanii ba'achuu akka qaban sosochii hubannoo uumuu tibbana Oromiyaatti eegale ilaalchisuun ibsa biiroosaaniitti kennaniin ibsaniiru.

Miidhaa dubartootarra ga'u kana amantiin kamuu kan balaaleffatu yoo ta'u, namni dubartootarraan miidhaa ga'ees cubbamaa ta'uufi ajaja uumaallee kan irra darbe ta'uu Macaafni Qulqulluufi Quraanni akka ibsu, duula ittisa miidhaa koorniyaa akka biyyaatti ji'a Sadaasaa keessa akka addunyaatti yeroo 39ffaa akka Itoophiyaatti immoo yeroo 19ffaa mataduree “Miidhaan dubartii miidhaakootis, hincallisu” jedhuun

adeemsifamaa ture ilaalchisuun abbootiin amantiin Kiristaanaafi Islaamaa yaadasaanii Gaazexaa Bariisaaf kennan ni ibsu.


Gaggeessaan Amantii Ortodoksii Abbaa Daani'eel Xibabuu akka jedhanitti, Waaqayyo jalqaba fakkaattiisaatiin dhiira kan uume yoo ta'u, qofaasaa jiraachuun gaarii waan hintaaneef dubartii tokkommoo uumeef.

Kanaaf dubartiin jireenya namaa keessatti barbaachistuufi murteessituudha jechuudha. Gaafa uumuu lamaan isaanii fakkaattiisaatiin waan uumeef tokko tokkorra hincalan. Kennaasaa hafuura qulqulluu, gaafa kennuufis lamaaniiifuu kenneera. Raajii akka dubbataniif dhiiras dubartiis dibee kaaseera. Waaqayyo mana amantiin kiristaanaa dubartiitti fakkeesse kan waamuuf kabajaafi jaalala isaanii qaburraa ka'eetu.

Kanaaf uumama uumaan walqixxeessee uumerratti tokko olaantummaa fudhachuun haala humnaafi gara jabinaan guutameen miidhaa irratti uumuun ajajasaa cabsuu ta'uu himanii, kanaaf namni amantiisaa jaallatuufi jecha uumaasaa dhagahu kamuu dubartiirratti miidhaa geessisuufi harkasaa irratti kaasuura of qusachuu akka qabu hubachiisu.

Keessumaa dhiirri tokko fedhii yeroo muraasaafi jecha yoo dubartii miidhu madaa qaamaafi xiinsammuu yoomillee hinqoorre dubartii sanarra geessisaa waan jiruuf dhaabatee of ilaaluu akka qabu kaasanii, kanas yaadachiisuufi barsiisuun ammoo ittigaafatama abbootii amantiiti jedhu.

“Namni yommuu sammuunsaa sirriitti yaaduu dhiisuudha waan badaa kan raawwatu. Hama keessasaa Waaqayyoo



Miidhaan dubartootarra ga'u dhaabbachuu qaba

jirutti garuu waan badaa gochuuf ija jabina hinqabu. Akkuma gaafa qaruuraa keessaa bishaan buufamu qilleensi bakka duwwaa qabatu sana, nutis waan gaariin nu keessaa bu'ee akka wanti badaa bakka hinqabanneef ofeeggachuun barbaachisaadha” jedhu

Abbaa Amantii Islaamaa Haji Suleeymaan Mursalaa gamasaaniin, dubartoonni haadha, obboleettii, intalaafi haadha warraa ofii ta'uu akkasumas Ergamaa Rabbii Mohaammadiin, gootota, jeneraalotaafi namoota guguddoo addunyaarratti dinqiisifatan kan da'e dubartii ta'uu kaasanii, namni kanneen hinjaallanneefi miidhaa irraan ga'uu nama ajaja Rabbii hinfudhanne ta'uu ibsu.

Dubartiin haaluma kamiinuu miidhaan irra ga'uu akka hinqabneefi, nama hundumaarraa kan eegamu isaan eeguu, kununsuufi mirgasaanii kabachiisuufi akka qabu kaasanii, kanaafis qaamoleen seeraa, mootummaafi hawaasni miidhaasaanii miidhaa ofii taasifachuu akka qaban

hubachiisu.

Haaluma kamiinuu dubartootarra akka miidhaan hingeenyeeff yoo seerri addaa ba'uu barbaachisellee ba'uu akka qabus ni gaafatu

Abbaan amantiin Pirotestaantii Paastar Iyyuu'el Tasfaayees, seenaa Macaafa Qulqulluu keessatti miidhaan dubartii tokkorra ga'e hanga biyyoota walitti buusuu qaqqabuusaa kaasanii, akkuma nama dhuunfaattillee namoonni miidhaawwan addaddaa dubartiirraan ga'an hafteen jireenyasaanii nagaa kan hinqabneefi eebbi kan irraa fagaate ta'uusaatiin jireenya gadadoo jiraatanii lubbuunsanii darbuu eeru.

Amantii kamiinuu dubartiirratti miidhaa geessisuun cubbuu ta'uusaatiin amanaan kamuu akka abboommi Waaqayyoo ijootti ilaalee ittiin jiraachuu akka qabu hubachiisu. Kanaafis abbootiin amantiin ittigaafatamasaanii akka ba'atan gaafatu.



Obbo Lammeessaa Ayyalaa

Labsichi galii qonnaan bulaafi gibira lafa baadiyyaaf kaffalamu kan walsimsiisudha

Taamiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Labsii kaffaltii gibira lafa baadiyyaa galii qonnaan bulaan, horsiise bulaanifi gariin horsiise bulaa omisha qonnaarraa argachaa jiru waliin wal simsiisuuf bahe hojiirra oolaa jiraachuu Biiron Galiwwan Oromiyaa beeksise.

Hogganaa Ittaanaan Biirichaa Obbo Lammeessaa Ayyalaa Kibxata darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, kaffaltii gibira lafa baadiyyaa fooyyessuuf labsiin Lakk. 255/2016 irra deebiin bahe Waxabajjii darbe Caffeen raggaasisee jira.

Labsichi kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa bal'ina lafaa, haala oomishaafi akaakuu omishaa, akkasumas baay'inaafi akaakuu beeyiladaa irratti hundaa'uun karaa haqa qabeessa ta'een yeroo seeraan daanga'e keessatti galii madaalawaa ta'e sassaabuuf kan gargaarudhas jedhaniiru.

Akka labsichaatti, qonnaan bulaan rooba qofaan oomishu hektaara tokkotti kaffaltii qarshii 250fi gibira galii hojii qonnaaf qarshii 150.00, walumaagalatti, qarshii 400 kan kaffalu ta'a. Oomisha baargamoof ooluuf hektaara tokkotti kaffaltii itti fayyadama lafaa qarshii 300fi gibira galii hojii qonnaaf qarshii 1000 walumaagalatti qarshii 1,300 kan kaffalu ta'a.

Jallisii aadaatiif hektaara tokkotti kaffaltii itti fayyadama lafaa qarshii 250fi gibira galii hojii qonnaaf qarshii 400, walumaagalatti, qarshii 650. Jal'isii ammayyaatiif hektaara tokkotti kaffaltii itti fayyadama lafaa qarshii 250fi gibira galii hojii qonnaaf qarshii 800.00 walumaagalatti, qarshii 1,050.

Oomishaalee gabaaf oolan kan akka bunaa, maashoofi jimaa irratti hektaara tokkotti kaffaltii itti fayyadama lafaa qarshii 250fi gibira galii hojii qonnaaf qarshii 1,000.00 walumaagalatti, qarshii 1,250.

Oomishaalee baala shaayii, mi'eessituufi urgeessituuf, avokaadoo, paappayyaa, muuziifi omishaalee walfakkaatan biroo irratti hektaara tokkotti kaffaltii itti fayyadama lafaafi gibira galii hojii qonnaaf qarshii 1,100. Oomishaalee dibataa irratti hektaara tokkotti kaffaltii itti fayyadama lafaa qarshiifi gibira galii hojii qonnaaf qarshii 1,450.

Namni tokko lafa baadiyyaa qabu kamiyyuu hojii oomishaaf oolchuu baatus hektaara tokkotti kaffaltii itti fayyadama lafaafi gibira galii hojii qonnaaf qarshii 400.

Qonnaan bulaan, horsiisee bulaan yookiin gariin horsiisee bulaan hoolaa yookiin re'ee baay'inni isaanii 15fi isaa gadi ta'e, horii gaanfaa baay'inni 10 fi isaa gadi ta'e, farda, harree gaangee yookiin gaala baay'innisaanii shanii fi isaa gadi ta'e qabu gibira galii irraa bilisa ta'a.

Qaama miidhamaan yookiin dubartiin qofaa ishee maatii bulchitu hoolaa yookiin re'ee baay'inni isaanii 17fi isaa gadi, horii gaanfaa baay'innisaanii 12fi isaa gadi, farda, harree gaangee yookiin gaala baay'inni isaanii torbaafi isaa gadi ta'e qabu/qabdu gibira galii hojii qonnaa irraa bilisa ta'a/taati.

Qonnaan bulaan, horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan beeyilada baay'inni isaanii hanga gibira galii irraa bilisa ta'een ol qabu baay'inaafi akaakuu beeyiladaa irratti hundaa'uun kaffala.

Ummatni Oromoo WBO gale...

Waliigalteen nagaan sun akka milkaa'uuf gumaachi Obbo Ibsaa Nagahoo guddaa ture kan jedhan Aadde Makkiyyaan; ta'us ifaajni yeroo saanii ittifufuu baatus yeroo ammaa ummatni waanjoo mormatti hidhatee haadhooliin harma baasanii ba'anii kadhataani dhageettii argachuutti gammadani Oromoon hidhatee bosonatti hafes ta'e kan bosonaan ala jiru tokkoomee arguun garuu dheebuusaanii isa guddaa ta'uu ibsaniiru.

Gameessi Siyaasaa Obbo Ibsaa Nagahoo gamasaaniin akka jedhanitti, waliigaltee mootummaafi Qondaalota Olaanaa WBO jidduutti taasifameen dachee Oromiyaarraa qilleensi nagaan akka bubbisuuf ilmaan Oromoo bosona jiran gara nagaatti deebi'aa jiraachuun diinaafis dhiigaafis hiika guddaa qaba. miseensonni WBO tibbana dararama ummataa hubatanii dhommoqa siyaasaa agarsiisuun gootummaafi bilchina guddaa ta'uus dubbataniiru.

Kana dura waan aadaan marii hinturreef ABOn qawwee kaasuuf dirqame malee

gaaga'ama qabsoon hidhannoo fidu bareechee beeka. Aadaan marii uumamuun bara 2011 karaa nagaan qabsaa'uuf biyyatti deebi'uu himanii; ofii deebi'uu qofa osoo hintaane warri mufatanii bosonatti maqanis daandii nagaatti akka deebi'aniif koree waloo hundaa'e keessatti sochii adda duree taasisaniin hidhattoota hedduu gara qabsoo nagaatti deebisuun akka danda'ame yaadachiisaniiru.

Waggoota shanan ja'an darbanitti qabsoon hidhannoo Oromiyaa keessatti adeemsifame gaaga'amaan malee bu'aa ittiin madaalamu tokkollee hinqabu jedhanii; Itoophiyaa biyya sablammoota 76 ol qabdu keessatti gareen saba tokkoo qofti qabsoo hidhannoon ka'ee biyya dhuunfachuun muuxannoo addunyaas akka hintaane hubachiisaniiru.

Ijoollee qabsoo nagaan simachuun deebi'aniif kunuunsaafi deeggarsi barbaachisu akka taasifamu warri hafanis ummata dhaga'anii gara nagaatti akka dhufaniif waamicha dabarsaniiru.

Waliigaltee Ankaaraa Itoophiyaafi...

argachuuf gaaffiin Itoophiyaan gaafatte nagaafi fayyadamummaa waloos akka mirkaneessu eeran.

Biyyoonni lameen obbolaa, dhiigaan walitti hidhaman, afaaniifi aadaa waloo qabaniidha jedhanii, tattaaffii mootummaan Somaaliyaa shororkeessitoota ittisuuf taasisu tumsuufis Itoophiyaanonni kumaatamatti lakkaa'aman wareegama kaffaluu yaadachiisan.

Walitihidhamiinsa naannawaafi qajeeltoo fayyadamummaa walootti kan amanu mootummaan Itoophiyaa waggoota ja'an darbanitti hariiroo naannawaa cimsuufi nageenyaafi tasgabii Gaanfa Afrikaa akkasumas guddina naannawichaa mirkaneessuuf hojiiilee hedduu hojjechuu eeran.

Nagaafi guddinni fedhii waloo naannawichaa ta'uu kaasuunis, waldhabdeewwan naannawichatti mudatan guddina walooratti dhiibbaa akka qabaatan ibsaniiru.

Itoophiyaan wayita waliigaltee karra galaanaa argachuu taasiftu biyyoota ollaatti fayyadamummaa waloo karaa nagaan mirkaneessuuf ta'uu dubbatanii, gama dinagdeefi baay'ina ummataatiinis yoo ilaalame Itoophiyaaf karri galaanaa

nimala jedhan.

Waliigalteen Ankaaraa kun biyyoota lameen injifattoota akka taasisu kan ibsan Doktor Abiyyi, waliigaltichi akka milkaa'uuf tattaaffii olaanaa kan taasisan Pirezidaantii Tarkiyee Rasiip Xaayib Erdogaan galateeffataniiru.

Pirezidaantiin Somaaliyaa Hasan Sheek Mohaammad gamasaaniitiin nageenyi dhimma ijoo biyyoota lamaanii waliin fayyadu ta'uu ibsuun, dhimma walooratti mootummaafi ummata Itoophiyaa waliin hojjechuuf kutannoo qabna jedhan.

Mootummaansaani wareegama loltoonni Itoophiyaa nagaan Somaaliyaa eegsisuuf baasan akka hindaganne, nagaan eegsisuuf carraaqqii dabalataa gochuuf kutannoo akka qaban ibsaniiru.

Pirezidaantiin Tarkiyee Xaayib Erdogaan sanadni waliigaltee biyyoonni lamaan mallatteessan tumsa, guddina dinagdeefi badhaadhina wabii ta'uu ibsaniiru.

Waliigaltee Ankaaraa kana ilaalchisuun pirezidaantii Mootummaa RFDI Taayyee Atsqasillaasee dabalatee barreessaan 'IGAD' Doktor Warqinaa Gabayyoo, Gamtaan Afrikaa, Ingiliz, Ameerikaafi Gamtaan Awurooppaafaan ergaa gammachuufi dinqisiifannaa qaban dabarsaniiru.

Dorgommii pirezdaantummaa Federeeshinii Atileetiksii...

barnootaarratti xiyyeeffadhee hojjechuun barbaada.

Filatamuuf kanin dorgomaa jiru naannoleefi magaalotatti. Ummanni magaalaa fi naannolee sirriitti na beeka; keessumaa Oromiyaa keessaa waanin ba'eef ummanni na beeka. Kanaaf ummanni na guddisee sadarkaa kanaan na ga'e ammas dorgommii kana akkan injifadhuuf na cinaa akka dhaabatun gaafadha.

Atileet Gabra'igzaabeer Gabramaariyaam

Ani qophii addaa hinguone. Waanuma jiruun dubbadha. Federeeshiniin Atileetiksii Itoophiyaa yeroo ammaa maal

akka fakkaatu hundi keenyaa ni beekna. Qabxiin keenya gadi bu'aadha. Hogganaa mitii daawwataanuu qabxii keenya sirriitti beeka. Qabxiin kun kan gadi bu'e rakkoollee addaddaaf waan saaxilameef ta'uun hubadha.

Keessumaa hoggansarratti hanqinni olaanaa akka jiru nan beeka. Seerriifi danbiwwan leenjistootaa, atileetotaafi murtee kennitootaaf ba'anis sirnaan hojiitti hiikamaa akka hinjirre natti mul'ata. Kana sirreessuuf nan hojjechaa.

Akkasumas, iddoowwan oolmaa ispoortii gahaa qabaachuu dhabuun rakkoo ijoo Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaati. Tiraakiin Istaadiyoomii Finfinnee tajaajilaa

ala ta'aa waan jiruuf rakkoo ta'eera. Rakkoollee eeraman kanneen sirreessuuf karooraan qaba. Keessumaa karoorkoo naannoleefi akkaadaamiwwanirratti hojjechuudha.

Itoophiyaa bakka bu'uun olompikiirratti atileetonniifi qaamoleen adda addaa hirmaachuuf yoo ka'an yeroo baay'ee walitti bu'insi uumamaa ture. Walitti bu'iinsa kana hiikuuf dursa qaamoleen lameen Koreen Olompikiifi Federeeshinii Atileetiksii gaheesaanii beekuun mari'achuun barbaachisaadha.

Tokkoffaan duraan dursanii qophii gochuutu isaanirraa eegama. Lameenuu mirga qabu. Kanaafuu taa'anii mari'achuu

qabu. Kun ammoo osoo olompikiin hinga'iin hojii dursee hojjetamuudha. Walumaagalatti qabxiin waggoota afur eegamee dhufu kan ammaarra fooyya'uu qaba. Kunis karoora koo keessa akka jiru ibsuun barbaada.

Miidiyaan waanuma jiru hawaasaaf ibsaa jiru. Isa kanaaf baay'een galateeffadha. Hanga ammaatti waanuma jiru ummataaf dabarsaa jiru. Haata'u malee humni guddaan kan jiru qaama sagalee kennu bira waan ta'eef dhiibbaafi rakkoo tokko malee hoggansa biyyaafi atileetiksii fayyadu filachuun harkasaa keessa jira; kanaaf ittigaafatamasaa sirnaan akka ba'atun gaafadha.



BARIISAA



Tashoomaa Qadiidaatiin

Dorgommii pirezdaantummaa Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaafi qophii kaadhimamtootaa

Federeeshiniin Atileetiksii Itoophiyaa pirezdaantii waggoota afran dhufaniif federeshinicha gaggeessu filachuuf guyyoota muraasatu hafa. Kaadhimamtoonnis yoo filataman maal hojjechuuf akka qophaa'an tooftaalee adda addaatiin ibsaa jiru.

Gaazeexaan Bariisaas kaadhimamtoota torba dhiyaatan keessaa sadii kanneen Finfinnee, Oromiyaafi Tigraayi bakka bu'an (Kabajamoo Duubee Jiloo, Atileet Silashii Sihinifi Gabra'igzaabeer Gabramaariyaam) wajjin gaafdeebii taasise akka armaan gaditti dhiheesseera.

Kabajamoo Duubee Jiloo

Atileetiksii biyyattii jijjiiruuf waanin fedhii qabuuf qophii olaanaa taasisaan jira. Atileetiksii biyya keenyaa Olompikiifi Shaampiyoonaa Atileetiksii Addunyaarratti beekamaadha. Qabxiin duraan ittiin beekamaa turre akka deebi'uuf sirriitti karoorfadheen hojjedha. Atileetiksii waanin durumaan keessa tureef akka cimuu akkasumas hanqina jiru furuuf nan hojjedha.

Qophii barnootaatiin, digrii jalqabaa Saayinsii Ispoortitiin Yunivarsitii Kotoberaa, digrii lammaffaa akaaku barnoota walfakkaataatiin Yunivarsitii Finfinneeraa fudhadheera. Biyyoota alaattis koorsiiwwan addaddaa, fakkeenyaaf Keenyaatti, Yunivarsitii Keenyaattaarraa Kochingi divilopmentiidhaan sartifikeetii, Morisheesitti atileetiksii kochiidhaan dippilomaa, walumaagalatti sartifikeetota dorgommiifi leenjii, addunyaarratti ammoo shaampiyoonaa Dohaatti bara 2019 badhaasawwan addaa argadheera.

Muuxannoo hojjiin walqabatees waggoota 20 oliif damee ispoortii kana hogganeera. Ammaan tana ammoo bakka bu'aa Mana Maree Bakka



Kabajamoo Duubee Jiloo

Bu'oota Ummataa ta'een tajaajilaa jira.

Qabxii atileetiksii biyyattii gadi bu'aa jiru kana garee cimaa taasisee ijaaruu nan hojjedha. Naannoleen yeroo ammaa ispoortiidhaan gadi bu'aa jiru. Isaanis cimsuuf kilaboota baay'inaan horachuun dargaggoota ciccimoo baasuun maqaa biyyattiin kanaan dura addunyaarratti qabdu akka deebi'uun taasisa.

Akkasumas rakkoo bakka shaakallii furuuf hanga gandaatti caasaa diriirsuudhaan dargaggoota dorgomtoota ta'an filachiisuun guddinasaa ilaalun barbaada. Kana gochuuf ammoo boordii filatamu wajjin tokko ta'ee guddina atileetiksii biyyaatiif bu'aa gaarii buusuuf of kenneen hojjedha.

Muuxannoo hojjiifi qophii barnootaan qabuun yoon filatame imaanaa ummanni natti kenne akkan sirnaan hojiirra oolchu nan amana.

Namoonni yommuu pirezdaantii federeshinichaa filatan nama atileetiksii biyyattii gara duraatti adeemsisuu danda'u, keessumaa guddina ispoorti pirojektota guddattootaa atileetiksii



Atileet Silashii Sihin

nama cimsuu danda'uufi wayita ammaa qabxii gama atileetiksiin addunyaarratti gadi bu'aa jiru sirreessu filachuu qabu.


Rakkoo koree olompiki keessatti waggootaaf tures hiikuun koricha irra deebiin ijaaree cimsuun fuulduratti hojii hedduu nan hojjedha. Rakkoo ijoon olompiki hanqina leenjii waan ta'eef kana hiikuun xiyyeeffannaa hojiko ta'a.

Akka waliigalaatti filannoo kanarratti miidiyaan yaada filatamtootaa sirnaan ummatatti dhiheessuun, ummanni nama sirrii atileetiksii biyya kanaa fayyisu karaa haqaqabeessaan filachuun irraa eegama. Mootummaanis milkaa'ina filannichaatiif waan irraa eegamu taasisuu qaba.

Atileet Silashii Sihin

Filannoo kanaaf sirnaan qophaa'aan jira. Yoon filatame atileetiksiin maal akka ta'e qabatamaadhaan waanin beekuuf atileetotaaf, leenjistootaaf, akkasumas hawaasa atileetiksii hundaaf waan malu nan hojjedha.

Karoorrikoo bal'aadha. Federeeshiniin atileetiksii



Atileet Gabra'igzaabeer Gabramaariyaam

biyyattii guddaa waan ta'eef waan maqaasaa gitu hojjechuun yaada. Gareen biyyaalessaa diigameera. Yeroo ammaa bakkeen atileetonni itti shaakalan rakkisaadha. Isaan walqabatees wanti hojjetamu jira. Dorgommiin biyya keessaafi alaa haala kamiin adeemsifamaa jira kan jedhu sirriitti iftoominaan irratti hojjechuu gaafata. Anis haala kanaanin hojjechuuf karoorra qaba.

Hojii kanaaf ammoo maallaqni waan barbaachisuuf dhaabbilee addaddaa waliin ta'uun galiin federeeshinichaa guddate mataasaa danda'ee akka dhaabbatuuf nan hojjedha. Pirojektota atileetiksii babal'isuufi kilaboota cimsuun hojii guddaa narraa eegamuudha.

Ani kanin ba'e mana barumsaa keessaati. Achii ka'eetan biyyarra darbee hanga sadarkaa addunyaatti hirmaachuu danda'e. Ispoortiin atileetiksii bakka tokkotti dhaabachuu hinqabu. Carraa hirmaannaa dargaggootaa babal'isuun barbaachisaadha. Naannoon Oromiyaa kanaan dura guddina ispoortiiif hojii guddaa hojjechaa ture. Kanaafuu isa cimsuuf manneen

Gara fuula 14tti

Koreen waancaa kubbaa miilaa Afrikaa 2029 hojiisaa jalqabe

Tashoomaa Qadiidaatiin

Mootummaan Itoophiyaa gaaffiifi fedhii ummataa bu'ureeffatee iddoowwan oolmaa ispoortii babal'isuun shaampiyoonaaawwan biyya keessaafi biyyoolessaa gaggeessuuf karoorfachuudhaan hojii keessa gaaleera.

Keessumaa Ministirri Muummee Itoophiyaa Abiyyi Ahmad (PhD) misooma koriidarii itti jiran keessatti damee ispoortiiif xiyyeeffannaa kennuudhaan Finfinneefi magaalota naannoleetti iddoowwan oolmaa ispoortii kumaatamatti lakkaa'aman babal'isaa jiru.

Bu'uuruma kanaan, shaampiyoonaaawwan biyyoolessaa Itoophiyaatti akka gaggeeffaman qajeelfama kennaniin barana shaampiyoonaaawwan Teenisa Dirree Dargaggoota Guddattootaafi Dargaggoota Addunyaa; Bunyaa Afrikaafi kubbaa Harkaa Afrikaa gaggeeffamaniiru.

Akkasumas waancaan kubbaa miilaa Afrikaa 37faan ALA bara 2029 Itoophiyaatti akka adeemsifamuuf yaalii gochaa jiran jajjabeessaadha.

Milkaa'ina qophichaatiifis koree pilaanii

tarsiimawaa Waancaa Konfedereeshinii Kubbaa Miilaa Afrikaa "AFCON" hundeessuun hojii jalqabeera.

Sochii korichaa ilaalchisuun Gaazeexaan Bariisaas miseensa raawwachiiftuu koree Pilaanii Tarsiimawaa Doktor Tasfaa Warqinaa haasofsiisee isaanis ibsa ittaanu kennaniiru.

Qophii

Akkuma beekamu Itoophiyaan biyyoota waancaa kubbaa miilaa Afrikaa hundeessan keessaa adda dureedhaan kan beekamtuudha.

Wancaa kana edda qopheessitee waggaa 50 ta'uufi. Waancaan kun biyya keenyatti deebi'ee akka qophaa'uuf Ministira Muummee keenyaan gaaffiin Konfedereeshinii Kubbaa Miilaa Afrikaaf dhihaate deebii eeggachaa jira.

Wancaa kana qopheessuuf Itoophiyaa wajjin biyyoonni Afrikaa muraasni dorgomaa jiru. Gama Itoophiyaatiin koreen hojii kana hordofu hundaa'ee hordofaa jira. Akka koricharraa hubannutti yaanni konfedereeshinichaa abdiin kan qabu waan ta'eef qophiitti jirra.

Dirreewwan shaakallii 12 qopheessuu

Gama mootummaanis ta'e koreetiin hojiitti seenameera. Dirreewwan itti shaakalamu 12 dorgommiif qopheessuutu nurraa eegama.

Haaluma kanaan Finfinneetti istaadiyooma Aday Ababaa Finfinnee, Aqaqiifi Abbabaa Biqilaa; naannoleetti ammoo kan Dirree Dhawaa, Baahir Daar, Hawaasaa haaromsuufi kanneen hafan ammoo ijaaruu yaalamaa jira.

Hoteelota

Wancaan kun waggaa shan boodde asitti kan qophaa'u ta'a. Mootummaan ammoo yeroo misooma koriidarii bal'inaan hojjechaa jiru kanatti abbootii qabeenyaa wajjin mari'achuun hoteelota akka ijaaran gargaarsa gochaa jira.

Hojiin kun Finfinneefi naannoleetti bal'inaan gaggeeffamaa jira. Hoteelota sadarkaasaanii eeggatan magaaloota dorgommiin kun itti adeemsifamuufi naannoosaaniitti argaman ammayyessaa jiru.

Hirmaannaa

Akkuma beekamu wayita hojii tokko hojjechuuf ka'amu gufuun hindhabamu. Haata'u malee mootummaa, ummataafi abbootii qabeenyaa biyya keessaafi biyya



alaa abdachuudhaan hojii kana keessa kan galame bu'uuruma kanaan fiixaan bahinsasaas hinshakkinu.

Sababnisaa gaaffiin qopheessummaa kun ummata keenya biratti gaaffii yeroo dheeraa waan ta'eef hirmaannaa lammiilee biyyaatiin akka milkaa'u abdiin qaba.